

Ikoo Naannoo

Hariiroo Bineensotaafi Biqiloota Naannoo

Baruulee , Lak. 2, Bara 2009/10



Barulleen kun dhimmoota armaan gadiirratti xiyyeefatti

- 🕒 **Milkaa'inaafi Haala Adeemsa Pirojaktii INB SHARE**
- 🕒 **Kununsaa Qabeenya Uumamaafi Foyya'ina Jiruufi Jireenyaa Mirkanneessuf Deeggarsa Gabbina Dandeettii Dhiyeessuu**
- 🕒 **Garee Dubartoota Daldaltootaa Murtaa'anii**

Dhaamsa Gulaalichaa

Kabajamtoota Dubbistoota,

Barruullee Ikoo- naannoo isa lammaffa kan Guraandhala 2016 hanga Guraandhala 2017 kan SHARE Bale yemmuun maqaa Miseensota Waajjiroota Waldaa Gargaarsa Kunuunsa Gaanfa Afrikaa Gamtaa Awrooppaa Sagantaa Pirojakti Ikoo Naannoo Baalee SHARE (INB SHARE) tin dhaamsakoo isiniif dabarsu gammachuu guddaatu natti dhaga'ama. Waajjiroonni miseensotiin kanneenis: Faarm Afriikaa, SOS Saahil, Waldaa Qorannoo Bineensotaa Firaankifertii/WOBF(Frankfurt Zoological Society/FZS), Dhaabbata Taliigaa Bishaan Addunyaa/Dh.T.B.A(International Water Management Institute/IWMI) fi Ummata, Fayyaa fi Naannowaa-Waldaa Itiyoopiyaa/UFN-WI(Population, Health and Environment-Consortium Ethiopia/PHE-CE) ti.

Pirojaktiin SHARE Baale kallattii addaa garaa kan qabu ta'ee rakkoolee garaagar Ikoo- naannoo Baaleetti argamaniif furmaata ta'uudha. Utubaawwan misoomaa fulla'aa sadan (dinagdee, hawaasaafi misooma) xiyyeefannoo keessa galchuun, haala waltiqabatinsaafi gurmaa'ina qabuun bu'aa olaana ta'e kenna. Kunnis immoo galmaan ga'insa Sagantaa Misooma Itti Fufinsa qabu(SDG), Karoorraafi Cee'umsa II(GTP II), Misooma Magarisa Jijirama qileensa Dandamachu Danda'u(CRGE) biyyaalessaafi naannoo keesaatti gumaacha olaana qabaata.

Barrullee inni lakkoofsa tokkoffaa haala

gabaabaa ta'een waa'ee irrakeessa projectichaa, haala diyaannaasaa, adeemsa hordofameefi akkataa dalagaawwan iiti raawwataman qabatee dhiyaatee turee. Inni lammaffaa kun garuu muuxannowwan qabatamaa, aadaa walgargaarsaafi wliin hojjanna dhaabbilee misooma jidduu jiru bal'inaan dhiyeessa. Itaansuun bu'aawwan projaktootaa sektaroota keessatti haala walittiqabatinsa qabuun argamusaa nitarreessa. Akkasumas, muuxaannoo bulchiinsa Tulluu Biyyoolessaa Baalee irraa argamu, bu'aawwaniifi qorannoowwan akkasumas faayidaalee hawwassitti naannoo kununsa naannoorraa argatu bal'inaan inbsa.

Walumaagalatti, barruun kun dubbistoota kenyaaf dhaamsa gahaa ta'e niqabdi; akkasumas, dhaabbileefi raawwatoota misoomaafi, qindeensitoota Imaammataa(poolisii), qorattootaafi bu'aa olaana kenna jenneet amanna. Dhumarratti, dubbistoota keenyaaf dubbisni bu'a qabeessaafi gammachiisaa akka ta'u nihawwina. Yaada nuuf kennitan hunda baayyee dinqisiinna; haala walirraa barachuufi tokkummaa keenya cimsuuf shoora olaana taphata. ■

Nagaash Takluu
Gulaalaa fi Daayreektara Olaanaa
Ummata, Fayyaa fi Naannowaa – waldaa
Itiyoopiyaa/UFN-WI
(PHE-Ethiopia Consortium)

Gulaaltotaafi Gumaachota

Nagaash Takluu

Daayreektara Olaanaa, UFN-WE (PHE-EC)

Taaddalaa Gaashuu

Ogeessaa Hordoffii, Gamaggamaa, Barumsaafi Beekumsa Qoodduu Pirojaktii INB SHARE

Indaashaawu Mogasee,

Qindeensaa Hordoffii, Gamaaggamaa fi Kominikeesh-inii, PHE-EC

Asaayyee Asnaaqaa,

Qindeensaa Pirojaktii INB SHARE

Biruktaayit Asaffaa (PhD)

Gorsituu Teeknikaa Pirojaktii INB SHARE

Mulugeetaa Lamannih (PhD)

Gageessaa Bulchiinsa Qabeenya Uumaamaafi Bosonaa, Faarm Afriikaa

Waaqumaa Kudhaamaa,

Kan Afaan Oromootti hiike

© SHARE BER Project Consortium

Address:

Faarm Afrikaa

S. Poostaa: 5746, Finfinnee, Itiyoophiyaa
Lak. Bil. +251 11 467 4129/5 5156/6 3172
Web-saayitii: www.farmafrica.org

UFN-WI (PHE-EC)

S. Poostaa: 4408, Finfinnee, Itiyoophiyaa
Lak. Bil. +251 116 634116/21
i-meeli: info@phe-ethiopia.org
Web-saayitii: www.phe-ethiopia.org

Dhaamsa Gaggeesituu

SHARE-BER

Pirojekti Konsortiyeem Irraa

Kabajamtoota Dubbistoota,

Yemmuum barrullee lkoo-naannoo isa lammaffaa kanaan ergaa kana isiniif dabarsu gammachuu guddaatu natti dhaga'ama. Yemmuu projektiin SHARE-BER kun jalqabamu rakkoolee lubbu qabeeyyiifi kununsa sirna-ikoo keessatti mudatan haala waliigala ta'een furuuf yaadameet. Pirojektichis haala misooma waliigalaa lkoo-naannoo Baalee kan sagantaalee kan akka hawaas-dinagdee, haala jiruufi jireenya waliigalaa madaaluufi ibsuuf kan karoofameedha. Haaluma kanaan, miltooleen konsortiyeemi mitimootummoota shanan ogummaa, beekumsaafi muuxannoo isaanii yeroo dheeraa walitti fiduun hawaasa wajjin hojjachuun rakkoolee kanneen nifuru. Kaayyoo barbaadames galmaan gahuufis qabeenya haalaan fayyadamuu akkasumas kununsuusaanii nimirkanneeffatu. Waantota kanneen raawwachuunis, waggoota lamaan darban keessa bu'aawwan abdiqabeessa ta'an argamaniiru. Ittifufinsa bu'aawwan kanneen mirkannessuun bakkee birootti babal'isuuf hirmaannaan qoodafudhattoota hundaa baayyee barbaachisaadha. Kunis kaayyoolee barbaadaman galmaan gahuu keessatti gahee olaana qaba. Tibba kana nutis, bu'aawwan argaman babal'isuuf muuxannoofi ogummaawwan adeemsa keessatti argaman walti qindeessaa jirra.

Dalagaan kun kan asitti dhaabbatu miti. Rakkoolee lubbu-qabeeyyiifi sirna-ikoo mudatan dandamachuuf haalli itti fayyadamina qabeenya uumamaa bifa waltifufinsa qabuun ta'uu qaba. Kaayyoo kanas galmaan gahuufis dhaabbilee misoomaafi mootummaan Itiyoophiyaa waliin hojjachuuf carraa bal'aa qabu. Gama kanaan carraa kannatti gargaaramuun, dhaabbilee mootummaa sadarkaa adda addaatti argaman kayyoon pirojekticha akka galmaan gahuu gaggeessummaa gaarii ta'een kan utuban baayyeen galateeffadha.



Akkasumas, Gamataan Aurooppaa (European Union) gumaacha maallaqaafi gargaarsa bu'a qabeessa ta'e milkaa'ina pirojektichaaf waan taassiseef baay'een galateeffadha. Dhumarratti, miseensota dhaabbilee konsortiyeemiifi garee SHARE-BER hunda kanneen hawaasa wajjin cimnaan hojjachuun bu'aalee kanneen mirkaneessaan gudiseen galateeffadha.

Miltooleewwan keenya bakka bu'uun, barullee waa'ee waliigala hojjii keenya, qorannoo gaggeefame, muuxxanoowwan adeemsa keessatti argaman, tooftalee misoomaafi kkf kan bal'inaan ibsitu yemmuun isiif dhiyeessinu gammachuu guddaatu natti dhaga'ama.

Dubbisa Gaarii! ■

Yasmiin Abdulwaasee
Faarm Afrikaa,
Daayirektara Biyyoolessaa

Piroojektii Ikoo Naannoo SHARE BALE (BER)

Ikoo-naannoo Baalee sadarkaa biyyoolessaatti bakka badhaatuu uumamin garagaraa itti argaman keessaa ishee tokko dha. Ikoo-naannoo kun sirna-ikoo garagaraa ofkeessatti qabaachuun bu'aa caalaatti mirkaneessuun misooma ittifufiinsa qabu mirkaneessuuf hooggansaafi raawwachiisumma tumsa sektaroota hedduu gaafata. Milkaa'ina Galma Misooma Itti Fufinsa Qabu (SDG), Karoora Ce'umsa Guddinaa II isa lammaffaa (GTPII), Misooma Magariisa Jijjiram Qiensaa Dandamatu (CRGE) fi tarsimoo naannoo'oo galmaan ga'uu keessatti tumsi sektaroota hunda meeshaa filatamaadha. Piroojeektiin SHARE-BER akka hojii irra ooluuf sektaroota hunda dadammaksuun, qindoomina misooma lafaa waliin qindeessuun, qooda fudhattoota garagaraa mootummaa fi hawaasa walitti fiduun humna qindaa'een hirmaannaa ijaaraa fi michummaa cimaa sadarkaa hundatti fiduuf hojjata.

Pirojektichi dhaabbilee mitimootummaa shan muuxannoo garagaraa, ogeessaafi gosa barnootaa misooma baadiyyaan muxannoo waggoota dheeraa qaban of keessaa qaba. Dhaabbileen walta'anii hojjechuun mul'atafi galma waliin SHARE fiixaan baasuuf hojiilee misoomaa garagaraa bifa qindaa'ee ikoo-naannoo keessatti hojjechaa jiru. Kunis mallattoo waliigaltee waliin hojjechuu wayita mallatteeffame dhaabbilee miseensa ta'an gidduutti duudhaafi miira abbummaa tokko akka umamuuf kan karoofameen wal qabta. Kanumaan walqabatee miseesonni gareefi dhaabbilee michuu karoora pirojektii qopheessuun meeshaalee barbaachisoofi tooftaalee

raawwii barbaachisoo gochaalee gufuu hojii ikoo-naannoo saaxiluu danda'u qopheessan.

Haaluma walfakkaatuun gochaalee kanneen akka muuxannoo barumsaa walfakkaataa qaban, daataa waliin funaanuu, waliin cuunfaa qopheessuu, walquunnamtii fi tarsimoo beekumsaa dhimmoota ikoo-naannoo irratti qophaa'uun waliigooduun hojiirra oolani jiru. Kaayyoo cimaan tofataalee sektaroota hunda galeessaa kan hundeeffame miseensota gareefi dhaabbilee michuutti.

Kanumaan walqabatee hojiilee pirojektichaa hedduu: hooggansa bishaan qindaa'aa, karoora fayyadama lafaa hirmaachisaa, fayyadama bosonaa hirmaachisaa, fayyadama lafa-dheedichaa hirmaachisaa, gochaalee jireenyaaf barbaachisan kanneen akka qonnaa haala qilleensa mijawaan walqabate, horsiisa beelladaa, horsiisa kanniisaa, sagantaa karoora maatiicimsuufi dhimmoota koorniyaa of keessatti hammachuun bifa qindaa'een manneen qonnaan bulaa hundaa irratti hojiitti kan jijjiirameedha. Haaluma walfakkaatuun, pirojektii kun hojiirra kan oole qindoomina garee hoggansa, koree hooggansa tarsimoo, walta'iinsa garee teekinikaafi faayinaansii, mijeessitoota pirojektichaa waliin qindoominaan waan hojjeteef. Sadarkaa dirreetti wayita ilaalmu, dhaabbilee miseensa ta'an qabeenya jiru baasuun waajjira hojiin itti geggeeffamu waliinii ijaaru, dhiyessii barbaachisan qopheessuu fi sirna waliin hordofuun waan hundeeffataniif. Pirojektichi hojiiwwan sektaroota hunda hirmaachisuun ikoo-naannoo Baalee keessatti hojiirra oolcheen gandoolee

kudha lama, aanaalee torba fi godinaalee Arsiifi Baalee, fooramii horsiifatee bulaa fayyadamtoota taasisuun mul'istuudha. Raawwii pirojektichaa keessatti feedhiin ijaarsa humna misoomaa sadarkaa gandaa irraa kaasee hamma biyyaalessaatti baay'ee barbaachisaa ta'us, ijaarsi humna misoomaa raawwatame garuu gandaa hamma godinaa qofatti ta'us sadarkaa naannoofi biyyaalessaatti hojiirra oolchuuf bara dhufutti karoofatee jira. Adeemsi akkasii kun sektarootaafi ogummaa barnootaa garagaraa fiduun bifa qindaa'een rakkoolee babal'achaa jiran sektara tokkoon furamuu hindandeenye furuuf gargaara. Humna misoomaa ijaaruun garaagarummaafi bu'aa qabatamaa agarsiisaa jira. Kana raawwachuufis: (a) odeeffannoo haalaan fayyadamuufi beekumsaa waliif qooduu; (b) michooma sektara-hundagaleessa; (c) qiindoominaafi waldeeggarsa raawwii michuufi qooda fudhattoota; (d) Walta'anii rakkoof furmaata barbaaduu fi qabatamaatti hirmaannaa hawaasaa mirkaneessuufi (e) Waliigaltee cimaa cimaa diriirsuufi sadarkaa hundatti tarsimoo ce'umsaafi mul'ata tokko qabaachuudha.

Bal'inaan angoowwan olaanoo sadarkaa mootummaa naannoo abbotii taa'itaafi ooggantootin waajjiraalee fi miseesonni garee dhaabbilee hundeeffamuun abbummaa mootummaan hooggansa akka laatu taasisuun fayyadamaa taasissee jira.

Waggootan darban lamaa keessatti tooftaan adeemsi sektaroota hunda-galeessaa haala yaroo irratti hundaa'e hordofuun pirojektichaa bu'aa qabatamaa fiduu danda'ee jira. Muraasa isaanii caqasuuf;

✔Hirmaannaafi fedhii garee dhaabbilee gidduutti akkasumas mootummaafi miseensota garee dhaabbile gidduutti akka uumamuuf haala gaarii uume.

✔Barachuufis ta'e barsiifataaleefi muuxannoo gaggaarii beeksisuuf bu'aa baay'ee kan qabuudha

✔Raawwiin piroojeekticha ga'aafi

bu'a qabeessummaa akka ta'uuf humna ta'a.

✔Miseensa garichaafi michuuwwan isaanii gidduutti carraa wal-iraa baruuf haala mijeessa.

Milkaa'in armaan olitti caqafame kunneen daawwanna walta'iinsa idilee fi ergama mootummoota

Awurooppaa gamtoomanii (EU) fi fooriyamee dhaabbilee michuu olaano ta'aniin geggeeffamee dhugaa ta'uunsaa mirkanaa'e. Milkaa'in piroojeektichaa qalbii gooda fudhattoota kanneen akka SIDA, Norwegian Embassy haarkisuun bakka pirojeektichaa deemmuun akka hubatan ta'eera. ■

Kallattii Gochaa Adeemsichaa:

Walga'ii 1ffaa human misoomaa dhaabilee sekter-hundagaleessa Godinalee Arsiifi Baalee

Bakka hooggantootin biiroolee godinaafi aanaalee, bakka bu'ootiin hawaasaa, dhaabbilee mitimootummaa godinaalee Arsiifi Baalee keessa dalagan, abbootii qabeenyaa, miseensota Pirojektii SHARE-BER bakka argamanitti walga'ii hundeeffama humna misoomaa dhaabilee sektara hunda-galeessa Godinalee Arsiifi Baalee sadarkaa piroojeektii godinaalee SHARE-BERTti 31Caamsaa 2016 tti hundeeffame.

Walga'ii humna misoomaa dhaabbilee sektara hunda-galeessa godinaalee isa jalqabaa maagaalaa guddaa Baalee 03 Bitootessa 2017 tti geggeeseera. Walga'icha irrattis itti'aanaa bulchitoota godinaalee Baaleefi Arsiifi, bakka bu'oota waajjiraalee garagaraa godinoota lamaan irraa walitti ba'an, bulchitoota aanaa Pirojektii SHARE-BER, miseensota piroojeetii SHARE-BER, bakka bu'oota Yuuniversityi Madda Walaabuu, dhaabbilee mitimootummaa naannaawa sanaa hojjatan walumaagalatti hirmaattota 48 walga'icha hirmaataniiru. Ajandaan marichaa irra deebi'uun raawwii hojii Pirojektii SHARE-BER hanga ammaatti jiru fi karoora hojii baatii ja'aan fuulduraa irratti kan xiyyeeffatee dha.

Haaluma kanaan daayirekitarri hojii geggeessaa PHE-ECfi qindeessaan Pirojektii SHARE-BER raawwii humna misoomaa dhaabilee seektara hunda-galeessa ilaalchisuun gama hundaan sadarkaa biyyolessaatti, biyyalessaattifi naannolee irraatti galmaafi raawwii pirojeektichaa jiruufi karoora baatii ja'an fuulduratti raawwataman bu'uura godhachuun walduraa duubaan haasawaa taasisaniiru. Itti fufuun, aanaalee pirojeektii SHARE-BER socho'aa (pilot) keessatti gaggeeffame hundi adeemsa raawwii isaanii akka haala qabatamaa aanaa isaaniitti dhiyeessaniiru. Innis sochii misoomaa tarkaanfii fuulduraa giddu lixiinsa Pirojektii SHARE-BERn argamee fi kaka'umsa miiraa mul'ate irratti kan xitteeffateedha. Walga'icha irratti ajandaan gadi-fageenyaan dhiyates sagaleen waraabameera.

Xumura irratti qabxiilee ijoon armaan gadii baafachuun walga'iche xumurameera:

1.Bulchiisni godinoota Arsiifi Baalee walga'ii teekinikaa sektaroota isaanii walfakkaatanfi pirojektii SHARE-BER waliin yoo xiqqaate ji'a lama lamaan geggeeffachuu qabu.

2.Dhimmi qubannaa seeraan alaa bosona lkoo-naannoo Baalee ajandaa xiyyeeffannoo dursaa godinoota lameenii akka ta'u.

3.Walitti bu'iinsi dhimma daangaan wal qabatee Aanaalee Adaabbaafi Harannaa Bulluki qaamoolee dhimmichi ilaallatu aanaale, godinaaleefi gandootaa hirmaachisuun akka furamu taasisuu.

4.Qindoominaafi walta'iinsa qaamoolee gooda fudhattoota dhimmichi ilaallatu hundaa sadarkaa hundaatti (ganda,aanaa, godinaaleefi isaan ol kaneen jran) karaa humnoota misoomaa dhaabilee sektarahunda-galeessa fooyyessuun faalama naannoo deddebi'uu babal'achaa jiruuf akka falaatti fudhatamuu danda'a.

5.Qindeessaan garee teekinikaa Baalee humnoota misoomaa dhaabilee sektara hunda-galeessa sadarkaa aanaa fi gandaa irratti gaggeeffame irratti hirmachuun miira abbummaan umuuf gochaatti akka jijjiiramuuf gargaareera.

6.Qaamolee gooda fudhattootaan muuxannoo gaggaariifi barannoo SHAR-BER babal'isuun galama ga'iinsa tarsimoo ce'umsaaf isa ifaa waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qaba.

7.Walaga'iin kurmaana lammaffaa (ji'a ja'aa) Pirojektii SHARE-BER humnoota misoomaa dhaabilee seektara hunda-galeessa itti aanu kan kurmaana lammaffaa (ji'a ja'aa) magaalaa guddoo bulchiinsa godina Arsiifi lixaa akka ta'u irratti waliigalan. ■

2.1. Daawwii hordoffii waliinii (Joint Monitoring visit)

Hojiin daawwii hordoffii waliinii hojii idilee bakka bu'oota piroojektichaa dhaabbile dhuunfaafi bakka, bu'oota mootummaa akkasumas michuu ta'an godinaaleefi aanaalee lkoo-naannootti argamaniiti. Kan hundeeffamees toofataa hordoffiifi adeemsa raawwii, ciminaafi hanqinootaa piroojektichaa adda baasuun waantota irraa baratamuu danda'an fudhachuun daran caalmaatti raawwachuuf kan gargaarudha. Itti dabalani waa'ee piroojektichaa ilaalchisuun karaa dub-deebii hawaasa naannawaa, mootummaafi michoota mootummaarraa ittiin fudhatamu ta'uun qabatamaatti fedhii hawaasaaf daandii ittin deebiin laatamu ta'uun gargaara. Bara 2016 tti piroojektiin SHAR-BER daawwana hordoffii dirree hedduu qopheessee ture. Hedduminaan miseensota garee dhimma hojii teekinkaa fi anagawaa ol-aanaa piroojektichaan geggeeffammeera. Adeemsi daawwii kunis michuulee mootummaa sadarkaa aanaa, ganda, naannoofi waajjiraalee mootummaa sadarkaa federaalaatti argaman, miseensa istaafichaa garee dhaabbilee raawwachisa hojii kanaa ta'aniif bakka bu'oota hawaasaa keessatti hirmaataniiru.

Daawwannaa kannarra gara fuulduraatti piroojektii hojjetamuufi karoorfamu fooyyessuuf qabxiilee qoratamuu fi sirrachuuf ijoo ta'an galmeetti qabamaniiru. Waantootin sirrachuu qaban garee daawwannaa hordoffii waliinni irraa argaman muraasa keessaa gaarummaa hojii tarsimoo ce'umsaa hojjetame, sadarka tokkoon tokkoon maatii qonnaan bulaa gidduutti gidulixiinsafi walta'iinsa cimaan jiraachuu, garee piroojektichaa hunda keessatti gareen koorniyaa jiraachuu, hojii jal'sii sasalphaa, ga'ee humna misoomaa dhaabbilee seekter-hundagaleessa cimsuufi daataa raga qilleensaa bu'uura godhachuun hooggansa fayyadama bishabii walitti fiduu akkasumas eegumsa paarkii waliin mirkaneessuudha.



Wayita gareen M&E hawaasin gandoota Hawo fi Hareenna Bulluki waliin walga'ii geggeessaa jiran

Yaadota sirrachuu qabanfi gaafilee deebii argachuu adda ba'an armaan olitti dhiyaataniif deebiil laachuuf garee daawwannaa hordoffii geggeesseefi gorsitoota waliin walga'ii baatii Bitootessa 2016 magaalaa Adaamaatti ta'ameera. Walaga'icha irraattis yaadaa daawwannaa hordoffii geggeefame irraa yaadota kennameef walitti qindeessee karoora piroojektichaa waliigaltee tokko irra ga'e. Bu'uura kannarraa ka'uu tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhatamaniiru.

a/ Mata duree dhimma koorniyaa ilaalchisee qajeeltoo akka ta'uuf ba'uulee qajeelfamoota koorniyaa hojiirra oolchuuf gargaaru deeggeru gidulixiinsa piroojektichaa milkeessuu kan danda'u garee koorniyaa haala qabatamaan walsime qopheessuu. Kan birattis dabalatee raawwattoota

michuufi ogeessotaa waajjiraalee mootummaa irraa jiraniif leenjii akka argatan taasisuu.

b/ Raawwii hojii piroojektichaa keessatti ga'ee guddaa akka taphataniifi yaada waliigalaa galmaan ga'uuf akka gargaarutti humnoota misoomaaf gargaarsi wal-irraa hincinne argataniiru.

c/ Guddu-lixaa kallattii danuufi walitti qindeessuu tokkoon tokkoon mana qotee bulaatti geggeeffameera

d/ Sadarkaa maa'ikiroo gargaraa isaan itti qoodamanii jiranitti sagantaa hirmaannaa qindaa'waa hawaasaan qophaa'e. Gochi akkasii kun kallattii qindoomina dhaabbatichaa cimsuu irra darbee tarisimoo ce'umsaa piroojektichaa galmaan ga'a. ■

2.2. Jila Awurooppaa Ikoo-naannoo Baalee Daawwate



Jila Awurooppaa Ikoo-naannoo Baalee daawwate

Mull'ati daawwannaa jila Awurooppaa baatii Waxabajjii, 2016 keessa geggeeffame adeemsa raawwii hojii piroojetichaa qabatamaatti lafaritti madaaluuf, miira abbummaafi hirmaannaa hawaasa naannowaa sanii maal akka fakkaatu hubachuuf, tooftaalee qindoominaa sadrkaa dhuunfaafi dhabbiilee piroojekticha keessatti mul'atu gamaaggamuufi naannowwaa piroojektoota fooyya'uu qabu jedhamuun yaadi itti laatame madaaluuf ture.

Hirmaattotin jila Awurooppaa bakka hundumaa piroojektichaa daawwatanitti waan gaarii argan kessaa hiraachisummaa

hawaasaafi sekteroota mootumma sadarkaa garagaraa guddaan kan keessatti mul'ate ta'uu hubataniiru. Keessummaa tarsimoo beeksisa sagantaa karoora matiifi hooggansaa kunuunsa qabeenya uumamaa waliin walitti qindaa'ee bu'aa galmaa'ee ,bakka adaan akkasii hawaasa kan keessatti hin beekamnetti baa'yee galateefameera. Gareen jila Awurooppaa gabaasa daawwii isaa keessatti ciminaa piroojektichaafi waantota fooyya'uu akkasumas waan ta'u qaban adda baaseera. Yaadota dabaltaan kennaman keessaa boodatti harkfanna hojii keessatti mul'atan ,humna misoomaa dhaabilee

seekter-hundagaleessa cimsuu, dadammaqisitoota sochootuu ta'an walitti akka qindooman tasisuu, dhimmoota guddina fufiinsa qabu fiduu danda'an agarsiisaa deemmuun isaan gurguddoodha.

Haaluma walfakkaatuun March 2016 Ambaasaddarri waangaarii embaasii biyya Noorweeyi misiinsota isaanii walliin Ikoo-naannoo Baaleetti piroojektii REDD+ daawwatan. Daawwii kana hordofuun dub-deebiin argame baay'ee ijaaraafi bu'a qabeessa kan caalmaatti gara fuulduraatti piroojektii REDD+ marsaa ittaanu babalsuu akka danda'amuuf kan gumaachee dha. ■

2.3. Fooramii Sadarkaa Ol-aanaa Dhaabbile Michuu



Wayita dhaabbilee michuun sadarkaa ol-aanaa fooramii hirmaatanfi suuraa garee bitaa gara mirgaatti

Foramiin dhaabbilee michuu sadarkaa olaanaatti fi daawwannaan dirree Amajjii 1-5, 2017 geggeeffame. Foramichis hooggansa fi kallattii kaa'uu, adeemsa raawwii gamaagamuu, gar fuulduraatti waan ta'u irratti yaada kennuu fi haala Ikoo-naannoo ol guddisuu irratti kan xiyyeeffateedha. Wayita daawwannaa fayyadamtooti lakkoofsi isaanii danuu ta'e hawaasa irraa maricha isaan waliin geggeeffame irratti hirmaachuu

milkaa'ina jiru hundaa dhugaa ba'aniiru, rakkoolee jiranis kaasaniiru. Kan birattis dablataan dirreewwan qorannoowwan sochootuu (bakka bakkatti geggeeffamu) garagraa daawwatamanii jiru. Fknf dirree qoranno Bishaaniifi fayyadama biyyee, dhiheessii meeshaalee Ikoo-turizimii akkasuma dirreewwan paarkii, giddu gala gabaa beeyladaa, burqaalee bishaaniifi sirna oggansa bishaanii, haala qilleensa

baramaa bu'uureffateen qonnaa geggeeffamu kan akka horsiisa kanniisaa, waldaa gamtaa omisha bunaa PFM, interpiraayizii dubartoota giddugaleeffate, giddu lixa sagantaa karoora maatii fi miseensota VHC dabalateefi garee human (human) misooma daawwatamaniiru. Hirmaattota dabalatee ministira biyyaatti, abbootii taa'itaa fi daayirekiteroota sadarkaa naannoofi federaalaa ,bulchitoota godinaaleefi

miseensota daawwii kana irratti hirmaatanii jiru. Dabalataanis dhaabbattoti sab-quunnamtii biyyattii irraa Dhaabbata Piresii Itiyooophiyaa (EPA), TVoromiyaafi radiyoofi waajjira sab-quunnamtii godina Baale hirmaatanii jiru.

Daawwannaa guyaan jalqbaa mootummaa walga'ii idilee baatii ja'a ja'am geggeeffamu foramii waliin walfaana geggeeffamuun dhimmoota raawwii piroojekticha waliin wal qabataniif karoora baatii ja'an fuulduraa irratti marii geggeeffameera. Dabaltaan haala bu'a qabeessummaa lakkoofsi miseensota HLPF irratti mar'achuu waliigaltee irra ga'ameera. Miseensonni haaraa miseensa HLPF ta'uu waliigaltee irra ga'ame Ministeera Fayyaa, Ministeera Dhimmoota Federaalaa, Naannowaa

misooma horsiifatee bulaa Oromiyaa, bulchiinsa godinaalee Baaleefi Arsii. Instituytiin bayoo daayiversitii Itiyooophiyaa durumaanuu akka miseensa ta'uu qabu yaadi laatamee ture. Walga'ichi daawwii dirree bakkeewwan piroojektichi itti hojjetaa jiru fi qabatamaati gochi dhugaa ba'uu danda'u guyyoota sadiin dabalamee geggeeffame.

Xumura irratti hirmaattotin daawwii HLPF yaada isaanii kennan keessaa SHAR-BER galateeffataniiru, kutannoon piroojektichaa akka deggaran ibsaniiru. Kutannoo isaana agarsiisan keessaa

✔ Halli itti dhiyaana piroojektichaa hawaasa naannootti qabu gaarii dha, lkoo naannoo keessaatti humna misomaa seektara hundaa galeessaan hojjiirraa oolchuuf toora kan qabteedha,

hirmaachisaadha, haala jireegna hawaasaafi sagantaa karoora maatiin kan wal-simate ta'uu qorannoon misoomaa waliin wal-qabteedha

✔ Gareen dhaabbilee shan akka qaama tokkootti raawwachuun fakkeenyummaa gaariidha. Kunis dhaabbilee mootummaa ta'an keessatti hojiirra oluu qaba. y other NGOs working in similar areas)

✔ Piroojektichi daandii sirrii irra kan jiru ta'us haala karoorfameen firiin piroojektichaa madaaluuf yeroo kan gaafatuudha.

✔ Piroojektichi daandii sirrii irra kan jiru ta'us haala karoorfameen firiin piroojektichaa madaaluuf yeroo kan gaafatuudha. ■



Wayita qaamoleen michuu mariifi daawwii HLPF hawaasa waliin mar'atan

2.4. Woorkishooppii Qu'annoo Piroojektii SHARE-BER

Hojiwwan piroojektii SHARE-BER keessaa hojiin cimsa ijaarsa dandeettii hojii bu'aa guddaan itti argameedha. Hojiin qu'annoo piroojektichaa barattoota yuunivarsiitoota gargaraa keessaa baratan kan giddugaleeffate waan ta'eef baasii qu'annoof barbaachisu ramadee jira. Baatii Ebla ,2016 woorkishooppiin magaalaa Hawaasaatti geggeeffame irratti barattoon sadarkaa MSC baratan waraqaa qu'annoo isaanii raawwii hojii piroojektichaa geggeesseefi bakkeewwan piroojektichaan hammatamii jiran irratti qu'annoo geggeessaniiru. Dub-deebbiin woorkishooppicha irraa argame bakkeewwan fooyya'uu qaban irratti barattootaaf akka ibsamu ta'eera. Deggersa piroojektii SHAR-BER barattoon MSC ta'an yuunivarsiitoota Addis Ababa (Finfinnee), Hawaasaafi Madda Walaabuu haala piroojektichaa ilaalchisuun mata-duree qu'annoo garagaraa

irratti qu'atan dhiyeessaniiru. Akkas woorkishooppiin hordoffiifi yeroo murtaa'aan qu'annoo geggeeffamun woorkishooppiin baatii Guraabdhala 9-10, 2017 bakka ILRI, Itiyooophiyaatti geggeeffame. Kaayyoon woorkishooppichaas milkaa'inaafi qu'annoo piroojektii SHARE-BER gumaacha misoomaa keessatti gidduu lixuun raawwatefi fooyya'ina jireenyaa hawaasa biratti

mul'ate akkasumas misooma faalama qilleensaa irraa bilisa ta'e mirkaneessuu piroojektichaa agarsiisuuf geggeeffame. Kana qofaas osoo hintaane woorkishooppichi hubannoo waliigalaafi raawwii piroojektichaa daran akka milkaa'uuf afuura garee qu'annaa waliin hojjechuu cimee akka ittifufuu taasisuuf. ■



Suura garee hirmaattota workishooppii

3.1. Deeggersa Ijaarsa Dandeettii Ittifufinsa NRM fi Jireenya Fooyya'aa

Ijaarsa dandeettii human namaafi seekiterootaa dhaabbilee mootummaafi dhaabbilee hawaasaa milkaa'ina piroojektii SHARE-BER keessaa isa tokkoodha. Kanas piroojekticha keessaatti hojii irraa oolchuun milkaa'inni hojii piroojektichaa fufiinsa akka qabaa taasisuuf karoora yeroo dheeraa qabame milkeessuun umurii umurii piroojektichaa dheeressuun qabaeenya umamaa BER keessatti argamu hooggansa fooyya'aa akka qabaatu taasisuun fooyya'ina

jireenyaa mirkaneessuudha. Kunis daandii tarsimoo ce'umsaa gaarii uuma. Bu'aan kunis hojii piroojektichaa hordoffii deggersaa piroojektii barbaachisu kennuu, ijaarsa dandeettii kan akka leenjii, muuxannoo waljijjiirraa, daawwii, qopheessa sirnaa (meeshaalee raawwii), haala mijaawaa umuu (human hojii seekitera hunda galeessaa sadarkaa gandaa, dhaabbilee michuu gurguddoo ta'an keessatti hojiiirra oolchuuf yeroo akka qabaatu taasisa. Fooramichis dhaabbilee naannoofi

federalawaa, omisha meeshaalee IEC/BCC, miseensota gidduuti, sirna leenjii waliin, deggersa meeshaalee NRM CBO fi fayyadamtootaaf laachuu bu'uraalee misoomaa kanneen akka burqaa bishaanii, ijaarsa mooraalee, supha daandii..kkf) galtee qu'annaa fi meeshaalee barbaachisan kan hammateedha. Cuunnfaan yaadota cimsa ijaarsa dandeettii kennaman gabtee armaan gadii irratti ibsamee jira.

Gabatee-1 Ijaarsa dandeettii piroojektichaan xumuraman

T.L	Gosa ijaarsa dandeettii	Fayyadamtoota	Baayyina	Ibsa gumaachaa
1	Leenjii yeroo dheeraa fi gabaabaa	<ul style="list-style-type: none"> Hoji raawwachiistota CBO, PRM ICA koroporeetiwwaan bu'aa hedduu qaban Gaarsoliifi oggantoota mana amantaa Bulchitoota gandaa, garee misoomaa, hojjettoota ekisteenshinii fayyaa Gama mootummaatti garee teekinikaa piroojektii SHAR-BER. Miseensota VHC (DAS, HEWS, barsiisotafi bulchitoota gandaa Ikaawotarii 	41,986	<ul style="list-style-type: none"> Dandeettii hooggansaafi bulchiinsa CBO cimsuu. Fooyya'ina dandeettii oggansaa bizinasiifi faayinaansii, walгаа gamtaa Sagantaa galii argamuu adanda'u irratti hubannoo uumuu Maatii birattii hubannoo uumuu.
2	Muuxannoo waljijjiirraa biyya keessaafi alatti	<ul style="list-style-type: none"> CBO (PRM, PFM, kooporeetii) Angawoota olaanoo mootummaafi istaafi teekinikaa 	CBO (PRM, PFM, kooporeetii)	<ul style="list-style-type: none"> Sadarkaa wal fakkaataa irratti carraamuuxannoo walgeeddaruu Wal-tumsa hooggansaafi miira abbummaa
3	Gumiilee manneen barnootaa 12 keessaattii argamaniif deggersa meeshaalee fi fayyaa (wiirtuu fayyaa)	<ul style="list-style-type: none"> CBO (PFM and PRM) Koppiireetii omisha aannaniifi garee horsiisa beeyiladaa Waajjiraa paarkiifi istaafi Meeshaalee qonnaa Sagantaa karoora maatii 	Garee garagaraa 121 deegge ramaniiru	<ul style="list-style-type: none"> Waajjiraalee ijaaruun CBO cimsuu Giddugala rabsaa meeshaalee manaafi biiroo Tajaajila FP fi deegarsa dhiyeessuu

4	Ce'umsa teekinolojii	<ul style="list-style-type: none"> • Qonnaan bultoota kanniisa horsiisan • Garee misoomaafi ogeessa aanaalee • CAHWs • CSA guddifachaa 	136 57 25 351	<ul style="list-style-type: none"> • Ogeessa mootummaafi piroojekitichi dandeettii gochaa hawaasaa galmaa ga'a.
5	Baroota tolaa	Mootummaafi miseensa istaafichaa	15	<ul style="list-style-type: none"> • Mootummaafi miseensonni piroojekichaa sadarkaa barnoota isaanii dippiloomaa – digirii gara MA tti akka ol-guddifataniif gargaara
6	Haalawwan mijaa'oo gosa garagaraa umuu (fooramii horsiifatee bulaa, human misoomaa, fooramii dhaabbilee michuu olaanaa)	CBOfi waajjiraalee mootummaa	8	<ul style="list-style-type: none"> • HLPF, human misoomaa (sadarkaa gandaa hanga godinaa) fooramii horsiifatee bulaa, SMC, TCT, BCTC garee faayinaansii • Haalota mijaa'oo umaman walii irraa barachu, tartiiba akka qabaatufi tooftaa ittiin beekumsa waliif hiran ta'uun gargaara.
7	Misooma bu'uuraalee misoomaa	<ul style="list-style-type: none"> • Hawaasa, daawwatoota, waajjiraalee paarkii 	9	<ul style="list-style-type: none"> • Moora paarkichaa, godoo daawwatoonjala boqotan, bakka istaafiin itti keessummaa'uu • Burqaalee bishaanii (4) • Wiirtuu gabaa beeyiladaa sadarkaa lammaffaa (1)
8	Omisha meeshaalee IEC/BCC	<ul style="list-style-type: none"> • Miseensota garee mootummaafi hawaasaa 	4500	<ul style="list-style-type: none"> • Miseensota garee mootummaafi hawaasaa
9	Misooma sirnaafi qajeeltoowwanii	<ul style="list-style-type: none"> • Hawaasaafi waajjiraalee mootummaa 	5	<ul style="list-style-type: none"> • Sirna hooggansa bishaanii meeshaalee hordoffii hawaasaa bu'uureffate ,to'annoo adamoofi qajeelfama waliif qooduu(3). Kunuunsa mana qulqullummaa.
10	Deggarsa faayinaansii qarshiin akka argamuuf	<ul style="list-style-type: none"> • PRM CBOs 	3	<ul style="list-style-type: none"> • Nannowaa horsiifatee bulaatti daldala beeyiladaa deggeruufi

3.1.1. Muuxannoo waljijjiirraa yeroo gabaabaafi dheeraa

Yeroon teekinikaa wayita hordoffiin adda ba'e taa'e leenjii, daawwii muuxannoo waljijjiirraafi barnootaa yeroo dheeraa miseensota gama mootummaa jiranii kennamuun hojiirra oolee jira. Haaluma kanaan miseensota gama mootummaatin jiran 182f leenjii hooggansa bishaanii fayyadama lafaa hirmaachisaafi karoora, hordoffii hawaasa bu'uureffate hordoffii gabaasaa hojiirra olmaa GIS/GPS, garee koorniyaafi karoora maatii. Dabalataanis muuxannoo wal-jijjiirraa keeniyaatti miseensota dhaabbilee 15 OFWE, EWCA,



Garee jila leenjii biyya Keniyaatti geggeefame

waajjira muumichaa, bulchiinsa godinoota Baalee, BMNP, miseensota piroojektichaa akkasumas gaazexesitoota barannoo naannoo adamoo itti to'atame bu'aa madaalawaa argame akka daawwatan ta'ee jira. Meeshaalee nam tolche diqaallessan bitamuun waajjiraalee horsiifatee bulaa lama raabsameera. Isaanis diqaallessuu namaan geggeefamu aanaalee

piroojektichi keessatti raawwatutti sanyii beeyiladaa fooyya'aa akka argamuuf tajaajilaa kennuu eegalaniiru. Gama biraan kaayyoo kana galmaan ga'uuf ijaarsa dandeettii dhaabilee michuu mootummaa ijoo ta'an cimsuuf leenjii yeroodheeraa miseensota garee 6f sagantaa barnoota tolaa akka argatan ta'ee jira. Kanneen carraa barnoota gannaa argatan

ja'an keessaa tokko sagantaa digirii kolleejjii saayinsii uumamaa Wandoo Gannati yeroo ta'u shan ammo sadarkaa MSC tiin yuunivarsiitii Wandoo Gannatiifi Madda Waalaabuu gosa barnootaa wal-hormaata fayya qabeessafi hooggansa qabeenya umamaafi jijjiirama qilleensaa akka baratan ta'ee jira. ■

3.1.2. Qopheessa sirnaafi meeshaalee NRM fi goodiinsa faayidaa

Piroojektii SHAR BER akka qaama ijaarsa dandeettii tokkootti NRM (Kununsaa Qabanya Uumamaa) Ikoo-naannoo gargaaruuf meeshaaleefi sirnoota bu'aa qabeessa taasisan ga'umsaan qopheesseera. Sirnootin meeshaalee qophaa'anis akka armaan gadiiti.

3.1.2.1. Meeshaalee hordoffii hawaasa bu'uurefate

Meshaleen hordoffii hawaasa bu'uurefate kan qopha'eef hirmaannaa hawaasaa hooggansa qabeenyaa keessatti hirmaachisuuf, bu'aa akka qooddatan fi (adeemsa murtee kennuu keessatti akka hirmaatan taasisuuf. PFM CBO 31 hordoffiif gabaasa hooggansaa qabeenyaaf ittifayyadamaniiiru. Akkuma meeshaa madaallii hirmaachisaa CBM agarsiisutti meshichi PFMf bu'aa armaan gadii dabalaa akka jiru agarsiisa.

✔Waltahiinsa oggansa qabeenyaa bosonaa fooyya'aan CBO OPWE

akkuma OFWE (Intarprizii Bossonaa fi Bineensota Bosona Oromiyaa) gabaasa idilee baatii baatiin fudhachaa jira.

✔Balaa ibiddaa mudatufi gochaalee seeraa kanneen akka qubannaa seeraan alaa, fayyadama bosonaa seeraan alaa xiqqesseera.

✔Kanneen gocha dogeggora raawwatan irratti raga qabatamaa dhiyeessuuf gargaarera, duraan kan ture garuu rakkisaa ture.

✔Hudhaalee CBO mudatan gurguddoo akka hubatamuuf gargaare. Dhimmi kunis walga'ii humnoota misoomaa aanaalee waliin mare geggeffamee irrati.

3.1.2.2. Bakkeewwan adamoo to'ataman

Bakkeewwan adamoo to'atamaniin wal qabatee hooggansa qooddame bakkeewwan kunuunsaaf adda ba'anii akkasumas tooftaa bu'aa hiruu, qajeeltoo sadii piroojektii SHAR BER qaamolee qooda

fudhattoota waliin qopheessan. Qajeeltoon qophaa'e kunis akka waliigaltee yaadannoo waltahiinsa ooggansaa hundaa dirree PFM akka tokkotti, keessoo PFM seerota qabiyyee qabeenya bosonaafi waliigaltee oggansa waliin tokoon tokkon koppireetii PFM fi OFWE gidduutti mallatteeffame.

3.1.2.3. Murtoo investimatii kennuuf deggersa meshaalee

Waajjiraalee sadarkaa federaalaafi naaannootti wal-tahuun murteewwan investimantii mootumaan darbuu qaamolee murtii kennaniif dhimmoota investimantiin walqabatanifi fayyadama karoora lafaa akka meeshaatii gargaare. Meshalee kanneen keessaa moosaajii (software) odeeffannoo qulqullina qabu kennuun keessumaa lafa Ikoo-naannoo keessati adda ba'ee investimantiif oolu akkasumas kanneen investimantiif qabaman irratti murtee akka laataniif gargaareera. ■

3.1.3. Deeggersa meeshaalee dhaabbilee hawaasaaf

Meeshaalee industirii ijaarsa waajjiraaleef gargaaran, meshaalee waajjira keessaa ittifayyadaman akka argataniif haala mijeeessuun qaamota deggersa meeshaalee turban PRMfi 95 PFM CBO kennameera. Kunis CBO on oggansa qabeenyaa irratti dandeettii isaanii akka cimsataniif dabalataan deggersaa meeshaalee sagantaa karoora maatii beekisuu meshaalee fayya 12 rakkoo naanowaa sana keessatti mul'atu akka guutuuf kennamee jira. Miseensoni gama mootummaafi CBO on sektera hunda

galessaa keessatti gidduu lixaafi qindaa'aa misooma giddugaleessa fi oggansa walitti fufiinsa qabu fiduuf Ikoo naannoo keessatti hojiirra oolchuuf ga'oamaniiru.

✔Sagantaan PIWM moodala ta'an torba ba'uub hoojiirraa oolaa jiru.

✔Sagantaa PIWM fooyyessuu gandoota 10fi PRM CBO keessatti hundeeffamuun qabeenyi lafamrgaa (dheedicha loonii) heekitaara 350,000 oggansa

fooyyaa jala galanii jiru.

✔PFM CBO guutummaa BER keessatti dandeettii oggansa bosonaa cimsuu sagaantaasaa dabalee jira.

✔Garee hordoffii hawaasa giddugaleeffate dirree PFM 38 hundeeffamuun hojiin daafataa funaanuufi hordoffii eegalee jira.

✔Sagantaa PLUP gandoota lama keessatti eegalee jira.

✔Tajaajilli AL naannowaa horsiifatee bulaatti yeroo jalqabaaf eegalamee jira.

✔Tooftaalee sirna hordoffiin BMNP keessatti seerri hojiirra oolee jira.

✔Kaka'umsi sagantaa bu'uu qoddannaa dirreelee lamaa

Kun hundumtisaa fooyya'iinsa jireenyaa, nyaataa fi misooma magariisaa akkasumas misooma walitti fufaa NRM (Kununsaa qabanya UUmamaa) keessatti mirkaneessuuf gumaacheera ■



Waajjira CBO ijaarame keessaa isa tokko

3.2. QO'ANNOO MISOOMAAF


Bu'aan piroojektii SHAR-BER keessaa inni tokko qindoomina hojii misoomaa qo'annoo waliin wal qabatuudha. Piroojektichi qajeelfamoota tooftaalee, haala hojiirra oolamaa mijeessan fi bu'aa argamuu danda'uu agarsiisan, qaamolee qo'annoo keessatti hirmaatan akkasumas karoorra bal'inaan kan ibsuudha. Kanuma irratti hundaa'uun ogummaafi hubannoo hooggansa lkoo-naannoofi sochiilee diingidee hawaasaa, hudhaaleefi furmaata argamsiisuuf qo'annoowwan 14 geggeeffamaniiru. Quannoowwan gargaraa geggeessuu keessatti Yuunivarsiitii Addis Ababaa (Finfinnee), Hawaasaa, Madda Walaabuufi Institiyuutii Qo'annoo (International livestock research institute ILRI) fi Water and land resource center (WLRC) kanneen adda dureen hojii qo'annoo dandeettii qu'attoota naannowaa cimsuu irratti kallattiin hirmaataniidha. International Water resource management institute (IWMI) ogganaa hojii qu'annichaa ti. Qa'annichi akka armaan gadiitti geggeeffamee jira. Isaanis

(a) Hordoffii qo'annoo bishaanii fi raga qilleensaa.

(b) Haalota hawaas diingidee piroojektii SHAR-BER.

(c) Deggarsa misoomaaf walitti dhufeenya dalaadala gaarii qabu qo'achuu.

(d) Kaffaltii tajaajila lkoof



Caasaalee qu'annoofi utubaalee qu'annoo 3n

(e) Mirga fayadamummaafi fedhii sagantaa karoorra maatii, oggansa qabeenya giddulixaa (gabatee armaan gadiirra jira).

Qo'annoowwan ijoo xumuraman, barannoofi yaadota fooyya'uu qaban dhiyaatanirra imaammataa y.k.n tooftaaleen irraa argamuu danda'eera. Dabalataan qo'annoo madaallii fi raawwii February 2017, 9-10 kaayyoo galtee bal'inaan sassaabuu fooyyessuu jedhuun leenjiin geggeeffamee jira.

Kanumarraa ka'uun leenjichi qopheema imaammataafi tarsimoof biyyaattiif galtee akka ta'uutti yaadameeti. Gadifageenyaan ilaalme barannoo sagantaa REDD+piroojektii BER irraa wanti baratame wayita walitti cuunfamu mar'atame. Qu'attootun qu'annoo geggeessanis bu'aa qu'annoo isaanii dhiyeessaniiru. Akka leenjii bu'a qabeessa irratti argamaniif qaamoleen afeeraman mootummaa, NGO fi dhaabilee michuu hirmaataniiru. ■

Gabatee 2: Qo'annoowwan BER keessatti geggeeffaman

T.L	Mata duree qu'annoo geggeeffamee	Qaama qindeesse	Argannoowwan ijoo ta'an
1	Argannoowwan ijoo ta'an	Yuuniversitii Madda Walaabuu	Graagarummaa,badhaadhinafi yabbina sanyii mukeenii BER keessaa bosona waliin wal qabatee jiru;
2	Bu'aa gochaalee filatamoo oggansa qabeenyaa tajaajila sirna- ikoo hawaasa BER keessaa teessuma lafaa gara oliifi gadii irra jiraatanii	Yuunivarsitii Addis Ababaa (Finfinnee)	Garaagarumma qabeenya umamaa jiru osoo hin ta'in jiraattotin lafa gara giddu galeessa fi gammoojjii jiraatan hundinnuu bu'aa bosonagidduulixuun deebisanii dhaabuu akka galteetti dhiyeessaniiru. Bakkeewwan gammoojjilee dhiyeessii horsiisa beeyladaa qaban irraa bu'aa argame fooyya'ina bu'aa horsiisa beeyildaaf akka galteetti garagara. Walumaagalatti bu'aa qo'annoo fooyya'ina ga'umasa dandeettii oggansa fooyyessuun kunuunsaafi jireenya hawaasaa naannowaa sanii fufiinsaana fooyyessuuf isaanolitti hojjechuudha.
3	Sochii diingidee qabeenya umamaa irratti hundaa'e hawaasa BER keessatti argamanii	Yuunivarsitii Madda Walaabuu	Hawaasi piroojektii BER keessatti argaman adda dur eetti qonnaafi horsiisa looni akka madda galii ijootti ilaa lu. Tarsimoon jireenya isaan irra guddaan qabeenya umamaa irratti kan hundaa'ee waan ta'eef bosona hirsuuf agarsiiftuudha.
4	Tarsimoon dargagootaa BER, jijjiirama fayyadama lafaa, tarsimoo fooyya'aa fi ga'ee dhaabbilee misooma oggansa qabeenyaa walitti fufaa BER keessaati.	Yuunivarsitii Addis Ababa (Finfinnee)	Dargaggooti carraa hojii argachuuf inni ol-aanaan dame qonnaati. Akka tasaa kurmaan fi wakitiilee tokko tokko bifa idilee ta'een ni go daanu.Kaka'umsa naannoo jiru tokko tokkoon kunuunsa biyyee.PFM,fi intarpiraayizii maa'ikiroofi xixiqqoo darga ggootin akka hirmaatan ta'eera.
5	Fayyadama lafaa jijjiiruu; jijjiirama fayyadama lafaa, tarsimoo fooyya'aa fi ga'ee dhaabbilee misooma oggansa qabeenyaa walitti fufaa BER keessaati.	Yuunivarsitii Hawaasaa	Uwwisin bosonaafi mukeenii Piroojektii BER keessaa fufiinsaana waggootan kudhan sadan darban (1986-2016) wayita qonnaafi quba nnaa seeraan alaa dabalaa deemetti hir'achaa dhufeera. Lafiti bosonaafi mukeeniin uwwif amee ture tilmaamaan hee ktaara tokkotti 2,879 hang 10,000 waggaa waggaan hir'achaa deemeera. Percentaa wayita ibsamu %6 fi %2 ta'u bara 1986 irraa eegalee duraa duuban hir'atee jira. Ta'us garuu hammi bosona ciruu, fayyadama lafaa bakka bu'iiinssaa naannowaa,PFM fi dheedicha lafa margaa qindoommin isaanis hir'atees jira.

6	Fayyadama horsiisa beeyiladaa qabee nya umamaa gammoojjileefi baddaatti	Instituyutii qu'anno o horsiisa beeyelada biyoolessa	Horsiisin beeyiladaa bu'uu ra diingidee isan ijoodha.Saba ba hudhaalee godaansaa irraa ka'een horsiisn beeyiladaa naannowaa tokko tokkotti akka carraatti ilaalama. Ta'us garuu barsiifatin godaantuu hanga ammaatti jira. Akka bar arsiifataalee waggoottan 10 darban agarsiisutti qonnaafi daldalaaf jecha lafa dheedicha margaa dhabuu. Akka tilmaamin qabeenyaa ibsutii qabeenyi bakka hedduu keessatti dabalee jira. Sababa hudhaalee fayyadama lafaa / lafa dheedichaafi qonn aatiin hud haalee jiraniin ba kkeewwan hedduutti lakk oofsi horsiisa loonii tokkoon tokkoon mana qotee bulaatti hin hir'anne.Fyyadama albu udaa gad aanaa ashaboo RV fayyadamuun bakka bu'eera. Nensebotti bakkeewwn lam een lafaafi omisha irratti sochiin Solana waggootan kurnana darbaniif addaan citeera.
7	Qu'aanoo nammoomaafi investimantii sirna-ikoo dandamachiisuu	Aseffa et al	Hojiin moodala SWATn yaa'aa bishaanii 105 irratti hojjetame walqabateera. Yaa'aa bishaanii muraasaaf HRUS-fayyadama lafaa, biy yee, haala teessmuma lafa olkaa'aan hojjetameera.Dal agawwan kunneen haal awwan sirna bishaaniifi hurka qilleensatti ba'an biyyee ,midhaanii irraatti garaaga rummaa akka qabaatu taasisee jira.
8	Cuunfaa faayidaa yeroo dheeraafi fooyya'iinsa tajaajila qaqqabsiisuu, fedhii sagantaa karoora maatii hoggansa qabeenya umamaa giddulixamee walin wayita ilaalamu	Yuuniversitii Madda Walaabuu	Argannoo jalqabaa Baay'inn lakkaofsa ummata a dabluun horsiifatee bul tootin daangaa bosona akka qonna bunaa, bakka jireen yaa, qoraaniifi fayyadama NTFP. Baabali'n lafa qonnaa dabalaa deemuun hudhaa isa ijoo jireenyaa BER keessatti mul'atuudha. Dhabama bishaanii wayitii bonaa sababa gogiinsa lagee niif burqaaleen bishaanii Fayyadama bishaan mana keessaafi dhugaatii looniif lafa dheeraa dariiqaa 30-sa'aatii 4:00 waktii bonaaf gannaa Sababa babal'ina lafa qonaa irraa ka'een badaa deemu lafa qonaa adda ba'uu. Sagantaa karoora maatiifi hamma gaa'ilaa dhiiraa gara dubartii :dhiirri tokko dubartii tokko ol akka hin taasisuun xiqqeessuu saff isaan baa y'in a lakkoofsa ummataa toa 'chuu.

Maddoota (links) adda addaa qorannoo SHARE kessaatti caqasaman :

www.iwmi.cgiar.org/2016/04/ethiopias-mountain-communities-face-up-to-the-future/

www.mri.scnatweb.ch/en/blog/entry/bale-eco-region-ethiopia-share-project-on-conservation-of-ww.blogs-mri.org/?p=835

www.wle.cgiar.org/protecting-soils-ethiopia-share-project

9	Qo'annoowwan argannoo tooftaa faayinaansii PNRM: dhimma lkoo –naannoo Etiyoophiyaa	Institiyutii oggansa bishaan biyyoole ssaa	To'annoon hordofuurra dald ala keessaatti bu'aa addaa ak ka argatan taasisuu. Toofataa yaa'aa bishanii fufiinsa qabu akka qabaataniif qonna biratti dabalataan madda anniisaa el ekitirikaa, magaalatti dhiyee eessa bishaanii.. kkf dha. Adeemsa hojii didduulixuuf bakkeewwan biyyee ciisu adda baasuun bu'aa qaba. Sababa giduu lixuu irraa ka'e en hordoffii ragaafi jijjiirama mul'atee bu'aafi riifoormii.
10	Qu'annoo mijaa'ina kaffaltii sirna-ikoo bishaan bu'uureffate	Institiyuutii oggansa bishaanii biyyoolessaa	Argannoo duraa Akka qua'annoon Awulach ew et al 2008 titti biyyeen lolaan dhiqamee %66 lafa qonnaan hin qabamnerraa akk a ta'e agarsiisa.Akka ragaaree ba'aa jiranitti kaffaltii addaa kaffaluun lafa tokkoon tokko on kunuunsuuf yaalamus garu u kaffaltichi gutuummaan guutuutti lafa walitti qabame ef ga'aa hin turre. Bakkeewwan qaqqabmuu hin dandeenye, daandiiwwan kuusaa bishanii lolaan akka ciisuuf saaxilu, qulqullina bishaanii faalu, lolaan akka dabaluu irratti kan xiyyeeffa tuudha. Mariin jalqabaa MOWIE fi EEPKO geggeffame fedhii, yaadaa fikaroorra PES irratti. Mijaa'inni PES yaa'aa bis hanii Malkaa Waa kannaa xiinxalla kallattiilee ya a'aa fi kuufama lolaa gegg eeff amee jira.
11	Ooggansa qabeenya bosonaa keessatti hudhaalee hirmaannaa huban	REDD+	Dubartootin oggansa qab eenya bosonaa hirmaachi saa keessatti ga'ee guddaa tap hatu, garuu ga'umsatu oogg ansaatu itti hir'ata.Sababa barsiifataalee aadaafi amant iin, dhirsi tokko haad hawarraa lama fuudhuufi dhimoota koorniyaan walq abateen hirmaannaan dubart ootaa murtaawaadha.
12	BER keessatti dhiibbaa fayadamin qoraaniif oolu naannowaa irraan ga'u	REDD+	Fayyadama Istoovii fooyy a'aa kan aadaan walbira yoo qabamu %28.6 boba'aa qu sata.Walumaagala wagga atti qoraanii kg875. Tokkoon tokkoon istoovii jiran irratti waggaatti kaarboonii kg257 qusachu jechuudha.
13	Gamaaggama tarsimoo kallattii oggansa bosona hirmaachisaa	REDD+	Sadarkaan ittiquunfiinsa oggansa bosonaa hirmaa chisaa fayyadamtoota argame walmakaadha.Gad- aanaa fi dadhabaa jechuun ibsameera.
14	Barannoo yaalii REDD+ piroojektii BER keessatti	REDD+	Hirmaannaa guddaan qaam olee qooda fudhattootaa itti hirmaatanii jiru.

3.3. Oggansa Qabeenya Umamaa Qindaawaa

Dhimma oggansa qabeenya umamaafi misooma walitti fufiinsa qabu mirkaneessuuf Piroojekitiin SHAR- BER hojii giddu lixaa hedduu hojjechuu eegale. Kaka'umsi oggansa qabeenya uumamaa qindawaan qabeenya uumaamaa baay'ee barbaachisoo ta'an jireenya hawaasa naannoowaa akka oolan taasisuu keessumaa sadarakaa biyyaalessaaf naannoof guutummaan guutuutti waliin ga'uuf. Giddu lixiinsi oggansa qabeenya umamaa qindaawaa piroojektii SHAR BER irra guddeessaan kan inni irratti xiyyeeffatu kunuunsa bosonaa, oggansa lafa dheedicha margaa, Paarkii biyyaalessaa Gaarreen

Baalee,yaa'aa bishaaniifi sagantaa fayyadama lafaa hirmaachisaa. Haaluma kanaan fedhii lafa margaa ,bosonaa, bakkeewwan eegumsa jala jiranfi ogganas lafaa kanneen biroo guutuuf piroojekticha itti siqeenya daandii hedduun fayyadameera.Hirmaann jiraatota hawaasaa naanowaa sanii utubaa gochaalee raawwatamaniiti.

Oggansa qabeenya umamaa qindaawaan barsiifataalee naannowaa saniifi beekumsa naannowaa sanii bu'uura godhachuun hojiirra akka oolu ta'e. Gama hundaan bosona,lafa margaa,paarkiiwwan fi oggansa lafaa, hawaasa naanowaa

hirmaachuun dirqam oggansa qabeenya isaan irraa eegamu ba'aniiru.Waldaalee gamtaa akkasumas dhabbilee hawasaa dabalatee bifa PFM fi waldaa gamtaa PRM,waltajjii dhimma bishaanii,koree yaa'aa bishaanifi gareewwan PLUP ijaaramanii jiru. Giddu lixiinsi oggansa bakkeewwan eegumsa jala jiran kan xiyyeeffatu hirmaannaa BMNP deggeruu hirmaannaa hawaasaan sirna oogkansaa goodame mirkaneessuun ni danda'ama. Kaka'umsi NRM hojiirra oole sagantaa REDD+fi sagantaa tajaajila kaffaltii sirna-ikoo irraa carraa umuun bu'aan argamsiisuudha. ■

3.3.1. Oggansa Bosonaa Hirmaachisaa

Jalqabuma isaa irraa xiinxalliin piroojektichaa kan adda ba'eef bu'a qabeessummaa qabeenya uumamaa lkoo-naannoo, gama biraan ammo naannowaa isaa, biyyaalessaafi biyyoolesaa fi balaa garmalee fayyadamuu qaqqabsiisu xiinxaluuf.Bu'uurri PFM CBO hooggansaf barbaachisan hundeeffamaniiru. Yeroo GMETT kaa'ameen hordoffii deggersi PFM CBO adda ba'ee taa'e kennamee jira. Haaluma kanaan deggersi guddaan bifa leenjiin,muuxannoo wal jijjiiruun daawwannaatiin,meeshaaleen garagaraa PFM CBO 95 miseensota 5358 oggansa lafa bosonaa heekitaara 278,000 ta'u irratti hirmaataniif laatameera.

Dabalataan dandeettii hordoffiifi gabaasaa PFM CBO cimsuuf ,pilootii hordoffii hawaasa giddu galeeffate gandoota PFM 31 irraa gara gandoota 60 bababl'atee jira.Sirni hordoffii CBM hordoffii qabeenya bosonaa irratti bifa idileen akka hirmaatan taasise. PFM CBOon sirna hordoffii qabeenya umamaa kan garee abbummaan hordofu miseensota sadii of keessaa qabu hundeesse.Gareen kunneenis xiyyeefannoon hordoffii idilee isaanii keessatti kan isaan raawwatan fayyadama qabeenya bosonaa ,ittisa balaa bosonaa, qabeenya bosonaafi fayyinaansii CBO fi sadarkaa miseensotaa ilaalcha hordoffii geggeessu.Tooftaalee gabaasaa idilee oggansa bosonaaf itti dhiyaatu

garee hordofftoota bosonaa CBO hundeffamefi waajjiraalee dame bosonaafi qabeenya uumamaan gabaasa waliif dabarsu.Kanna irra darbees PFM CBOon hirmaannaan dubartootaa oggansa qabeenya bosonaa keessatti akka dabaluuuf hojjechaa jira. Ulaagaalee oggantoota oggansa bosonaa PFM CBOon ba'an keessatti oggantoota torba keessaa lama dubartii akka ta'uu qabu akka ulaagaatti taa'ee jira.Hordoffii GMETT geggeeffameen PFM CBOon % 49 irraa gara %75 tti ol guddatee jira. Firii galmaa'e kun kan agarsiisu CBOon bu'aa gaarii gama hundaanuu akka galmeessuu danda'e agarsiisa.Kun ammo BER keessatti ittisa balaa bosonaa cimsuun akkasumas bosona ciruu xiqqeessuun oggansi bosonaa gaarii akka mirkanaa'uf gumaacha.

Milkaa'inoota ijoo piroojekticaha keessatti galmaa'an.

✔PFM CBOon oggansa qabeenya bosonaa fooyyaa'aa hojiirra olche.

✔Akkaa xiinxalliin haalaa tartiiba yeroo bara 2014fi 2015 akka agarsiisutti ciruun bosonaa fi lafa margaa gara qonnaatii geeddaruun %64fi %77 duraa duubaan hir'atee jira. Sadarkaan hira'chuu babal'ina cirama bosonaa kun bu'aa cuunfaa REDD+ piroojektii iroojektii SHAR BER dursee hojjeteedha.

✔Hirmaannaan dubartootaa fooyya'uu fi CBO keessatti hirmaannaa dubartootin cimsuuf seerri qophaa'u hammachu.Haalum kanaan PFM CBOon oggantoota hoji raawwachiistuu ta'an torba keessaa lama dubartoota akka ta'uu qaban waliigaltee tokko irra ga'e.

✔Humna bu'aa miseensota PFM toora ikoo tuurizimii, hoomisha dammaa, daldaalaa bunaafi ittisa adamoo hawaasa giddu galeeffatee mirkaneessuu danda'u qopheesse.

✔Yeroo isaa eegee ga'e isaa akka taphatuuf sagantaa hordoffii hawaasa giddu galeeffatee hundeesuuf fi walitti dhufeenya CBO fi OFWE(Interprizi Bosona fi Bineensota Bosona Oromiyaa) cimsuu. Kanumaan walqabatee haga ammaatti PFM keessatti oggansa bosonaa bu'a qabeessaafi fufiinsa qabu hojiirra oolchuuf hojii cimaa wantootin barbaadan ni jiru.

✔REDD+ irraa fayyadamuuf fedhii hawaasaa guddaatu jira.

✔Wal-hidhatiinsa gabaa bu'aa bosonaafi kanneen akka bunaafi dammaa

✔Bu'aalee PFM CBOon argatu qabeenya bosonarraa argaman waliin wal-bia qabanii madaaluu. ■

3.3.2. Oggansa lafa Margaa (Dheedicha) Hirmaachisaa

Akka qaama qindaawaa oggansa bosonaa tokkotti piroojektichi PFM CBO cimsuuf hundeeffame. Piriijektiin SHAR-BER seera qabeessummaafi hundeeffama waldalee gamtaa PFM haaraa 10fi kanneen duraan pilootii aanaalee sadii CBO keessatti hundeeffaman 4f deggeersa taasisee jira. Waldaaleen gamtaa PRM kunneen miseensoota 3060 (2176 dhiira, 884 dhalaa) ta'uun lafa margaa heekitaara 344,712 ogganaa jiru. Akka qaama seera qabeessa ta'e tokkotti deegersi barbaachisaa sadarkaa walfakkaataa irratti daawwannaa muuxannoo wljijjirraa, leenjii dandeettii cimsu, deggera meeshaalee industirii ijaarsa waajjiraalee hojii toannoofi hordoffii walitifufaa geggeessuuf oolutti deggersi barbaachisu laatame jira.

Akka qaama waltajjii mare uumu tokkootti hawaasa hosiifatee bulaa gidduutti odeeffannoo akka walgeeddaraniif, walitti bu'iinsa akka furaniif fooramii hawaasa hosiifatee bulaa godinaa " Gumi Xedecha Horsise Bultootaa" jedhamu marsaa lamaaf geggeeffameera. Bakka bu'ootin hosiifatee bulaa gandoota 40 , bakka bu'oota aanaaleefi godinaalee waajjiraalee mootummaa fooramicha irratti hirmaataniiru.

Fooramii Horsisee bulaa waaggaa tokkoon darbe keessatti dhimmoti mar'ataman fi milakaa'inootin galamaa'an hongee fi dararama hongeen qaqqabeen haqina lafa dheedicha margaa hawaasa hosiifatee bulaa, hanqina omisha midhaanii, tatamsa'ina dhibee beeyiladootaa, kufaatii gatii gurgurtaa beeyiladaa of keessatti kan hammateedha. Kana dabalatee walitti bu'iinsa daangaa, bu'a qabeessummaa oggansa lafa margaa hirmaachisaa, oggansa bishaanii, waltajjii walga'ii, qonnaa haala qilleensa baramaa irratti hundaa'efi dhimmoota baayina ummataa walqabatee sagantaa karoora maatii irratti mar'atamaniiru. Sababa qabeenyaa irraa ka'ee walitti bu'iins hiikamuu, hawaasin gandoolee miti PRM ta'an gandoolee miseensa PRM ta'anirraa muuxannoo wal jijjiiruun bu'aalee argamaniidha. Kanatti dabaluu gandooleen olla mit PFM ta'anis seerota gandoolee miseensa PFM keessatti ba'anii hojiirra oolan fudhachuun kaffaltii dhaeedicha lafa margaaf kaffalu eegalan. Walumaa galatti fooyya'in armaan gadii mul'achuu danda'aniiru.

✔ Akkaa xiinxalliin haalaa mul'isutti lafa margaa gara qonnaatti jijjiiruun %77n hira'atee jira.

✔ Hir'achuu godaansa loonii naannowaa gammoojjii irraa gara baddaatti

✔ Gabatee (bakka loon itti nyaataniifi dhugan) addatti ijaaramee jira.

✔ Waladaan gamtaalee PRM fooramii hosiisee bulaa fayyadamuun walitti bu'iinsa dhimmoota qabeenya irraa maddanii furuu keessatti hojii fooyyaa hojjeteeera.

✔ Hojii mana keesaaf sirna cirracha fayyadamanii bishaan dhiluu bishaan qulqullaa'aa akka argatan taasise. Hanga ammaatti bu'aan gaariin galmaa'us garuu dhimmichi gara fuulduraatti xiyyeeffannoo guddaa itti laachuu barbaada.

✔ Walitti fufiinsaa dhiyeessii nyaata horii hawaasa hosiifatee bulaaf dhiyeessuu; hanga amaatti dhimma human guddaan irratti hojjechuu barbaaduudha.

✔ Dhimmoota godaansa loonii naannowaa gammoojjii irraa gara bosona yabbuutti geggeeffamu

✔ Walihidhatiins hawaasa hosiifatee bulaafi Parkii Biyyaalessaa Gaarreen Baalee gidduutti haala gaariin kan hordofameefi gocha irratti kan hundaa'ee dha. ■



Dookimatii waliigaltee waldaalee gamtaa PRM keessaa akka fakkeenyaatti jiru

3.3.3. BMNP keessatti Human Qoodiinsa Oggansaa Hundeeffame

Piroojektichi giddu lixiinsa Paarkii Biyyaalessaa Gaarreen Baale (Bale Mountains National Parks, BMNP) qopheesseera. Giddu lixiinsixhis qoodiinsaafi qindoomina barsiifataalee ooggansaa bakkeewwan balaa irraa ittisamuu qabanii kan ibsuudha. Paarikicha keessatti rakkolee garafuulduraatti

deddebi'anii mulachuu danda'an kanneen akka dheedichaa to'annoo hin qabne, qubannaa seeraan alaa, fayidaa mukeenirraa argamu, babal'ina lafa dhaabbii bunaa tilmaamuuf gargaara. Kanaaf rakkolee kannee Paarikicha keessaa mul'isuuf ;piroojektichi sirna qoodii ooggansa hirmaannaa

qaamolee qooda fudhattootaa hedduu hawaasaa keessa jiran dabalatee hirmachisuun irratti hojjeteeera. Barsiifata qoodii oggansa paarikichaa umamuuf , qaamolee qoodafudhatanirraa kan walitti ba'an hawaasa dabalatee humnotiin misoomaa ijaaramaniiru. Humnootin hojii hundeeffaman

paarkii keessatti barsiifata qoodiinsa ooggansaa ibsuu deggersa taasisu fi Iskaawotii fayyadamuun paarkicha balaa irraa ittisuuf humna madaalawaa fayyadamu bifa danda'amu irratti deggersa laatu. Dabalataanis, ooggansa paarkichaa, hawaasaa naannowaafi qaamolee mootummaa dhimmichi ilaallatuf gama teekinikaafi faayinaansii akkasumas hojii to'annoo idilaa'ee (paatirooliing) fi hojirra oolmaa seeraa ilaallchisee fooyya'ina dandeettii akka argataniif deggersi taasifameeraaf.

Deeggersi piroojektichaan Paarkii Biyyalessaa Gaarreen Baaleef taasifame akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

✔ Godina balaarraa ittifamuu qabu jedhamee adda ba'ee taa'e keessatti hawaasa naannowaaf sana jiraataniif haala jireenyaaf filannoo biraa umamuu danda'u irratti deggersa laachuun; tooftaalee dhiibbaa BMNP irra ga'u hir'isuuf akka oolu taasisuu.

✔ Balaa qabeenya irra ga'u ittisuuf deggersa taasisuu.

✔ Ijaarsa bu'uuraalee misoomaa kanneen akka mooraa dirree irratti ijaaru, godoo, bakka qubannaafi tajaajila hundaa kennuu danda'e.

✔ Suphiinsa bu'uraalee misoomaa tajaajila kennaa jiranii kanneen akka daandi, bakka jireenyaa, bakka qubatan, mooraa (baka jireenya) faradoo ... kkf.

✔ Misooma ijaarsa dandeettii miseensota paarkichaaf (dhiyeessa meeshaalee barbaachisanii ga'oomsuu ,biyya keessaafi alatti leenjiiifi daawwaannaa muuxannoo waljijjiirraa).

✔ Deggersa hordoffii yaala ikoologikaalaa(jalqabbii dhimaa qabeenya bosonaa irratti waliigalamee, qabeenya bosonaafi beeyildaa). Marii beekumsa bu'uura qabu geggeessuu bu'aa qaba.

✔ Deggersa loojistikaafi faayinaansii hojii to'annoo (paatirooliing) fi seera hojii irra olchuu.

✔ Karoora gooroo ooggansa paarkichaa keessa deebi'uuf workshooppii (leenjii) tartiibaan qopheessuu

Qoodama ooggansaa piroojektichaa daran cimsuufi tooftaalee qoodiinsa bu'aalee bakka qabsiisuuf piroojektichi admoon seraan alaa to'atamuun adamoo seera qabeessa akka umuuf akkasumas qoodiinsa bu'aa akka hojiirra ooluuf deggersa taasiseera. Tooftaa qoodi bu'aa waliini fuulduratti ittiin dhugoomsan tilmaama keessa galchuun To'annoo 'Hanto' ooggansa adamoo naannowaa waliin baatii Decmber 14, 2016 waliigalteen mallataa'eera. Waliigaltichis Intarpiraayizii Bosonaafi bineensaa Bosona Arsiifi waldaalee gamtaa ooggansa qabeenya uumamaa shaman Adaabbaa, Diinshoo aanaalee Agarfaa gidduutti mallattaa'e.

Dabalataanis, waldaaleen gamataa waliigaltee kana mallateessan hundi isaanii walii walii isaanii gidduutti mallattoo yaadannoo walitti dhufeenya isaanii to'annoo ooggansa adamoo akka caalaatti cimsuu akka qaama tokkootti akka hojjetan akka isaan taasisuu waliif mallatteessaniiru. Mootummaanis %30 galii argamurraa qooddachuuf waliigaltee 'Hanto' ooggansa adamoo naannowaafi CBO waliin mallatteesse. CBOs waliigaltee kana bakkeewwan hundaa akka qaqqabuu ofitti fudhachuu hamma jedhame qooduuf mallatticha mallattaa'e jira. Waliigalteen mallatteefame kunis dhaabbilee mallattoo kana keessatti hirmaatan ooggansa qabeenyaa irratti fayyadamaa taasisuuf. Gochi akkasii kun hawaasa naannowaa miira abbummaa dhageessisuun. babal'ina lafa qonnaa, dheedicha lafa margaa seeraan ala babl'ifachuu, qubannaa seeraan alaa hirsuuf faayidaa guddaa qaba.

Gocha booda fooyya'aa argame.

✔ Barsiifata qooddii ooggansaafi kak'umsa tooftaalee qooddii bu'aa

✔ GMPn BMNP keessa deebi'amuufi deeggersa argachuu.

✔ To'annoo (Paatirooliing) %10 irraa gara %50 tti ol guddachuu.

✔ Faayidaa qabeessuma seeraa mirkaneessuu.

✔ Qubannaa seeraan alaa manneetii 74, bunaafi biqilootaa mooraa isaanii waliin heektaara 36 kan ta'u

naannowaa paarkii irraa heyyama hawaasa naannowaa sana jiranii akka ka'an taasifamee jira.

✔ Kakka'umsa Mana murtii irratti himachuu raga bu'uureffate. Dhimmoota gadi fageenyaan xiyyeeffannoofi qabatamaatti gochaan irratti hojjechuu barbaada

✔ Qooddii ooggansafi hojii irra olmaa seeraaf qaamolee BMNP gara gadii xiyyeeffannoo itti laatamae hojiin deeggeeruu guutummaan guutuutti humni hojii keessa galuu dadhabuu.

✔ Dheedichi lafa margaa fi qubannaan seeraan alaa dabaluu

✔ Dhukkuba bineensoota bosonaa keessumaa dhibee reebii Jeedal diimtuu ltoophiyaa.

Dhimmota armaan olitti ibsaman irratti furmaati barbaachisaan yeroo isaa eege fudhatamuu yoo baate yaaliiwwan UNESCO BMNn galmaa'e balaa irra bu'u.

Waliigaltee Kunuunsa Oggansa Qabeenya Umamaa Walitti fufaa Mallataa'e.

Oggansi qabeenya uumamaa walitti fufaan ilaalcha hawaasaa naannowaa sanii waliigalteen tokkoommaanii naannowaa (enviromnt) isaanii irratti akka hojjetan taasisuun bakka ga'uu danda'a. Naannowaa isaaniifis ilaalacha gaarii qabaachuu ni kunuunsuu humna hojii misoomaa ni ta'u. Akka qaama hojii tokko raawwatuutti pirojektichi namoota dhuunfaa miseensa dhaabbilee hawaasa bu'uureffatanii waliigatee kunuunsa akka mallatteessaniif haala mijeessee jira. Kanneen biroonis bu'aa argatanis miira abbummaa itti dhaga'amuun kunuunsa qabeenya uumamaaf akka gumaachan taasisa. Mallattoon waliigaltee kun kan mallataa'e omishtoota dammaa, hojjetoota fayya beeyildaa hawaasaa, fayyadamtoo qonna michuu qilleensa baramaa, garee interpiraayizii dubartootaa, waldaa gamtaa PFM, waldaa gamataa bu'a daneesaafi ooggansa lafa margaa, diqaallessuu namtocheetti namoota bu'a qabeessa ta'anfi garee omishtootaa milkaa'ina qabani gidduutti. ■

3.3.4. *Karoora Fayyadama Lafaa Hirmaachisaa*

Toofaalee haaraa lkoo-naannoo Baalee keessatti hanga ammaatti beeksifamuun hoojiirra oolan keessaa karoorri fayyadama lafaa hirmaachisaan isa tokkoodha. Haala kamiin walitti dhiyatani hojjechuun akka danda'amu fi hoji-mataa isaa irratti marii wali irraa hincinne sadarkaa godinaafi Anaatti erga geggeeffamee booda sagantaan karoora fayyadama lafaa hirmaachisaa ganoollee

lama keessatti akka hojiirra oolu waliigaltee irra ga'ame. Isaanis Ganda Horasoba aanaa Diinshoo iraa yeroo ta'u ganda Hawo ammo aanaa Harennaa Bulluki irraati. Haaluma kanaan sadarkaa anaafi gandaati gareen hundaa'uun milkaa'inafi bu'aqabeesummaa karoora fayyadama lafa hirmaachisaa irratti leenjii qophaa'e. Daataa sirrii walitta qabamaa jira, haalli raawwii hojii karoora fayyadama lafaa %70 irra

ga'ee jira. Qo'anichi gara fuulduraatti babal'ina lafa qonnaa seeraan alaa hir'isuun akkasumas tokkoon tokkoon lafa fayidaa kennaa jiru irratti qonnaafi barsiifataalee kununsaa fooyya'oo dhiyeessuun yoo barbaachisaa ta'ee argame ammo gosa fayadama lafaa jijjiiruu keessatti fayyada qabajedhamee waan yaadamuu gumaachisaa olaanaadha. ■

3.3.5. *Oggansa Yyaa'aa Bishaanii Qindaawaa*

Hojiirra oolmaan oggnasa yaa'aa bishaanii qindaawaa ajandaa ijoo mootummaati. Hawaasa dadamakisuun hojiilee bal'inaan xiyyeeffannaan itti kennamuun toofaalee hojii baawuloojikaa laafi fiizikaalaa hojiirra ooleera. Oggansa yaa'a bishaani qindaawaan mootummaan giddu lixuun hojiirra oole dadammaqinaan hawaasaafi duulaan geggeeffamaeen . Yaaliin piroojektichi taasisu mootummaan gargaaruuf kaka'umsa umuudha. Haaluma kanaan xiyyeeffannoo guddaan itti laatamuun adeemsa

himaachisaa kan fedhii hundumaa guutuu danda'u raawwii irraatti miira abbaummaa umuudha. Humdumaarra caalaa saayinsawaafi raga qabeessa taasisuuf dhimma qo'annoo waliin wal qabtee walitti dhufeenyaa IWSM(Misooma Sululaa Qinda'a ta'ee) waliin umuun dandaa'amee jira. lkoo-naannoo bakkeewwan yaa'aa bishaanii torba bakka bu'uun aanaalee torba irraa akka gidduulixamuuf dhiyaatan gidduulixuuf filamaniiru. IWSMn (Misooma Sululaa Qinda'a ta'ee) argannoowan qo'annoo bishaan

fi qo'annoo biyyee, dhiibbaa saayinsawaa haala qilleensaa walqabatee qaqqabuu danda'ufi fala furmaataa kaa'amu qabu ragaa bishaan wayita gadidhiifamuu hamma biyyee of-keessatti qabee yaa'uu, haala qilleensaa karoora bal'sanii karoorsuufi sadarkaa isaa olguddisuu keesaatti gidduulixaa nigegeeffama. Dabalataan dirree oggesi dhimma fayyummaa yaa'aa bishaanii qo'annoo biyyees, kunuunsa bishaaniifi deebisanii dandamachiisuu hundeeffamee jira. ■

3.4. **FOOYYA'IINSA JIREENYAA**

Bu'aan raawwii hojii fooyya'iinsa jireenyaa piroojektii SHAR-BER kessaa inni jalqabaa galii jiraattotaa naannowaa piroojektichaa akka dabala'atu taasisuudha. Akka

qaamaa gidduulixiinsa fooyya'iinsa jireenyaa tokkootti geggeeffaman qonnaa qilleensa baramaan walitti michoome, horsiisa beelladaa fooyya'aa, deggersa bizinasii

debartoota irratti xiyyeeffatefi walhidhatiinsa gabaa gidduulixiinsa ijoon geggeeffamanidha. ■

3.4.1. *Fooyya'iinsa omisha horsiisa beeladaa*

Horsiisin beeyladaa damee diingidee qonnaa ltiyoopiyyaa kessaa seektera bu'a qabeessadha. Keessumaa haawaasa horsiifatee bulaa biratti madda galii jireenyaa isa duraafi hawaasi diingidee keessatti shora-olaanaa kan taphatuudha. Sadarakaa qonnaan bulaatti horsiisa beeyildaafi qonnaa walfaana ta'uun akka madda nyaata madaalamaa, anniisaa dabalataafi madda galii bu'uuraa, gejjibaaf, qotanii galchuufi gurguruufis, bilsheesanii nyaachuuf waan hundumaa ta'uun fayyada. Dhimma horsiisee bulaa walqabatee horsiisni beeyildaada madda deggersa jireenyaa isaaniiti. Seektarri horsiisa beeyildaada hanga ammaatti jijjiirama

qilleensaan walqabatee hudhaalee hedduu mudachuunii danda'ee jira. Seekitarichi mala ammayyaa ta'ee deeggeeramaa hin ture, teekinolojii ittiin omishus hin qabu .Harka caalu mala adaatii oogganamaa ture. Innis tajaajila nyaataa, walhormaataa, eegumsa fayyaafi tajaajila bishaaniifi daldalaaf kan ooluudha. Sababa kana irraa ka'een omishaafi omishtumaa gad bu'aadha, akka humna qabeenya horsiisa beeyildaada jiruutti seekitarichi bu'aa irraa eegamu jiraattotaa kennuun gumaachi inni guddina diingidee keessatti qabu gutummaan guutuutti qabeenya kan itti kan hinfayyadamne ta'uu

agarsiisa. Hudhaan inni biroon seektera kanaa ammo qulqullina omishaa fi omishitummaa irratti xiyyeeffachuu dhabuun aadaa baayyina lakkoofasa looniirratti hundaa'uudha. Hawaasa kana biratti loon baayy'ee qabaachuun akka kabaja olaanaatti waan ilaalamuuf akka isaan qulqullina omishaa irratti hin xiyyeeffane taasise. Horsiiisni beeyiladaa akaakuuwwan gidduulixinsaa Piroojektii SHAR-BER isa ijoodha. Dhiibbaa ikoolojii naannowaa irraa qaqqabu hirsuu irra darbee diingidee keessatti shora isa irraa eegamu taphachuuf piroojektichi nyaata beeyiladaa dhiyeessuu, tajaajila fayya beeladaa,

dhiyeessii sanyii fooyya'aa, gabaa fi tajaajila bishaanii akka argatan taasisuu hojii ijoo piroojeektichaati. Kanaaf SHAR-BER bakkaeewwan adda ba'an kaneenitti bifa qindoomina qabuun hojjechaa jira. Waantota akka fakkenyaatti kaasuun danda'amu keessaa omisha horsiisa beeyiladaa fooyya'aa kaasuun ni danda'ama. Naannowaa kanatti hojiin fooyyessa omisha horsiisa beeyiladaa piroojeektichaan hojjetaman kallattii karoora sadaraka biyyalessaan bara 2015-2020tti qophaa'ee ('Ethiopian livestock mater plan') galmaan ga'uuf karoofame waliin kan walsimeedha. Giddulixiinsi piroojeektichaan geggeeffaman hundi akka armaan gadiitti ibsamani jiru.

3.4.1.1. Fooyyessa nyaata beeladaa

Bakkeewwan gidduulixiinsaa piroojeektichaa raawwate keessatti hawaasin sanyii fooyya nyaata beeyladaa, gosa margaafi sanyii mukeenii nyaata beeyiladaaf oolani akka hubatanii hojiin beeksisuu hojjetamee jira. Haaluma kanaan fayyadamtoota filatamaniif sanyiin nayaata beeyiladaa fooyyaan kennamuufin lafa heekitaara 0.02 irratti akka omishan taasifamee jira. Abbotii warraa omisha sanyii nyaata fooyya'aa qopheessuu irratti hirmaatan sagantaa diqaaleessuu namtolchee akka hojii irra oolchan ta'e. Sanyii fooyya'aa raabsaman keessaa muraasi oat, garbuufi gosa lalisa, sa'a, ataraa, muka luserne, caabbii, marga roodasi, lusiiniyaafi saspaaniyaa dha. Hundumaa irra misooma qonnaan bulaaf lafa waliin isaan qabani

irratti misoomin sanyii nyaata fooyya'aa beeyiladaa hojjetamee jira. Walumaa galatti Piroojeektichi nyaata beeyiladaa sanyii fooyya'aa omishuuf dirree garagaraa jechuun lafa heektaara 27 irratti hojjechaa jira.

3.4.1.2. Sanyii Fooyya'aa

Horsiisni beeyiladaa lkoo-naannoo Baalee keessa jiru harka caalaan isaa sanyii naannowaa bu'aa gad aanaa argamsiisu irratti hundaa'e dha. Sanyii fooyya'aa dhiyeessuun bu'aa horsiisa beeyiladaa akka dabaluu taasisuun karoora hojii giddu lixaa piroojeektii SHAR-BER keessaa isa tokkoodha. Kana milkeessuuf tarsimoon lama hojiirraa oole jira. Inni tokkoffaan diqaaleessuu namtolchee (artificial insemination) wayita ta'u inni lammaffaan ammo sanyii naannowaatti bu'aa fooyya'aa kennuu danda'an sanyii loon kormaa Booranaa beeksisuu dha. Wayita lkoo nannoo (gammoojjiifi baddaa) keessatti tajaajilli sanyii diqaaleessuu namtolchee geggeeffamuu eegaletti sanyii kormaa fooyya qofa akka fayyadaman ta'e. Piroojeektichi kan hojiirra oole loon 1520 qabiyyeen namoota 1171 ti. Diqaalesuun namtolchee h a w a s a horsiifatee bulaa godina Baalee biratti yeroo jalqabaaf hojii

irra ooleedha. Taajilli diqaaleessuu namtolchee piroojeektii SHAR-BERn kenname milkaa'ina agarsiisee jira. Akka ragaan rimaa'uu beeyiladaa (pregnancy detection PD+) agarsiisutti naannowaa baddaatti %45.8 ol dabalee jira. Xaraanxarri (semen) saynii fooyya'aa loon Booranaafi Jersii irraa argamae bakkeewwan naannowaa gammoojjiitti mijaa'oo ta'aniiru. Bu'aa omisha fooniifi aannanii isaan irraa argamus sanyii beeyiladaa naannowaa waliin wal-bira qabamee wayita ilaalmu fooyya'aa ta'ee argameera. Nannowaa gammoojjiitti rimaa'uu loonii mala diqaaleessuun argamanii %35 gara %80 ol guddateera.

Malootin diqaaleessuu namtolchee hordofe akka armaan gadiitti jira.

1. Sadarkaa gandaafi kutaa gandaatti loon diqaaleessuu duraafi booda maal gochuu akka qaban irratti itti dadammaqiinsa hubannoo hawaasin akka argatu ta'eera.



Tajaajila Al yemmuu kennan



Nyaata loonii fooyya'aa ta'ee maasii qonnaan bulaa keessatti beeksisuu

2.Yeroo rimaa'ina loonii fooyyessuuf hormoonii irratti hojjechuu. (hormone synchronization)

3.Ogeessota diqaaleessuu namtolcheen hordoffii walitti fufaa taasisuu.

4.Wayita sanyii filatamaa fayyadamnu filannoo sa'a irratti of eeggannoo taasisu

3.4.1.3. Tajaajila fayyaa beeladaa

Anaalee hawaasa horsiifatee bulaa BER keessatti rakkoo ijoo omishaafi omishitummaa beeyiladaa qaqqabiinsa tajaajila fayyaa beeyiladdatti. Piroojektiin SHARE-BER tajaajila fayyaa beeyiladaa fooyyesuu akkasumas kanneen biroo omisha beeyiladaa diingidee qonnaan bulaa kee ssatti gumaachan gidduuseenuun raawwachuudha. Piroojektichi qindoomina wajjiraalee misooma horsiifatee bulaa godinaafi aanaalee,namoota dhuunfaa dandheetii barnootaa fooya'aa qabaachuun hawaasa keessaa filataman walitti qabuun akka hojjetoota fayyaa beeladaa hawaasaa ta'aniif leenjise. Namoota leenji'aniis human hojii sadarkaa gandaafi aanaatti istaafii mootummaa waliin ta'uun filannoon geggeeffame. Haaluma kanaan gandoolee horsiifatee bulaa gandoota Delloomannaa 10fi aanaalee Madda Walaabuufi Harannaa irraa namoota 25 hojjetoota tajaajila fayyaa beeyiladaa hawaasaa akka ta'aniif leenjii kennamuufiin waraqaa raga CAHWn kennameeraaf.Isaanis wayita ammaan kana naannowaa keessa jiranitti tajaajila fayyaa beeladaa hawaasaaf kenna jiru.CAHWn namoota waraqaa raga fudhatanii leenjii marasaa lamaa guyyoota 15 laateera.Leenjitoota keessaa kan qabxii olaanaa fidan waajira misooma horsiifatee godina Baaleen badhaafamaniiru. Xumura leenjichaa hordofuun leenjitootaaf meeshaalee kenniinsa tajaajila fayyaa beeyiladaa barbaachisa kan akka meeshaa kiitii, meeshalee yaala ogee ssa beeyiladaa barbaachisan, qorcha qophaa'uun laatameeraaf. Fufiinsa tajaajilichaa mirkaneessuf hawaasin tajaajila fayyaa beeyiladaa kenemuuf irratti hundaa'uun kaffaltii akka kaffalu irratti waliigalame jira. Muummeen fayyaa beeyiladaa aanaa tajaajilamtoo waliin mara'chuun gatii kaffaltii tajaajila fayyaa beeladaa kennenuuf kaffalamu murteessan. Kaffaltii kenniinsa tajaajila kanaaf kaffalamu bu'aa lama qaba.Tokkoffaa



Yemmuu tajaajilli fayyaa looniif kennamu

carraa hojii hoji dhabdootaaf umuun tajaajilichi fufiinsa akka qabaatu taasisa.Inni lammaffaan hawaasa hirkattummaa dhibee beeyiladaa isaaniirra jiru dhabamsiisa. Waaggaa tokko darbe keessatti tajaajilli fayyaa beeyiladaa hawaasaa gandoota 10 keessatti beeyiladoo 118,83(gaalotaa re'ee hoolota, harroota) ta'anii tajaajila yaalaafi talaallii kennaniiru.Sirni kenniinsa tajaajila kanaa hanga ammaatti qaqqabsiisa qorichaa dabalatee mootummaan deggeramaa jira.Deeggersi kun ammo fufiinsa isaaf human guddaa ta'a. Bu'aan tajaajila fayyaa beeyiladaa hawaasaan kennemuu kun qaama hawaasaa ta'usaafi tajaajila bakkaa bakkatti socho'u ta'uun hawaasa horsiifatee bulaa biraan ga'uuf waliin irratti hojjetamuu isaati. Akka fedhii jiraattota irraa dhiyaatuun tajaajilli fayyaa beeyiladaa manaa manatti deemuu kenneera.

3.4.1.4. Haala dhiyeesa bishanii

BER keessatti jireenya namootaafis ta'e beeyiladaa rakkoo ijoo jirachuu bishaanti. Rakkoo daraan kan hammatu naannowaa horsiifatee bulaa muraasaan gogiinsaa beekamufi qoteefi horsiisee bulaa biratti mul'ata. Gandoolee horsiifatee bulaa muraasin ammo bishaan argachuuf giddu galeessaan sa'aa ja'a imaluuf dirqamu. Humna fi yeroo isaanii bishaan waraabuutti fixuun jireenya isaanii diingideen guddisuu keessatti rakkoo uumee jira. Ijoolleen umuriin isaanii barumsaa ga'e lafa dheeraa deemanii bishaan waraabuufi beeyiladoota bishaan obaasuuf barumsa akka addaan kutan taasissee jira. Dabalataanis

beeyiladootin lafa dheeraa deemanii bishaan waan dhuganiif omishin isaan irraa argamu baayy'ee xiqqoodha.

Tarsimoo SHARE-BER keessaa inni tokkooffaan omisha beeyiladaa fooyyessuun sirna dhiyyeesii bishaanii fooyyessuudha. Gama kana milkaa'ina guddaa galmeessee jira. Piroojektichi waajjira bishaan,albuudaafi anniisaa godina Baaleefi waajjiraalee aanaa dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun kuusaa bishaanii hawaasi itti fayyadamu gandoota afur keessatti ijaare. Aanaalee horsiifatee bulaa sadii keessatti kusaan bishaanii afur piroojektichaa kan ijaarame wayita ta'u tokko ammo duraan mootummaan kan ijaarameedha. (Gabatee 1 abbootii warraa 1,387 ykn namoota 8,322 fi beeyilada 31,430 tajaajilaa jira.).Akka muuxanoo duraanii agriisutti hudduminaan kaka'umsi misoomin ijaarasa bishanii qofa irratti xiyyeeftu jibbiinsa sirna oggansaa mudateera. Sababa kana irraa ka'ee ijaarsi geggeeffame tajaajila yeroo dheeraa kaayyoo ijaaramaniif kennuu hindandeenye. Piroojektiin SHAR-BER muuxannoo kana irraa barachuun sirna oggansa bishaanii fayyadama bishaanii fufiinsaan deggeru danda'u beekisuu eegale. Oggansa kuusaalee bishaanii hawaasa shaniifi fayyadamootin kuusaa bishaanii waajjira bishaan, albuudafi annisaa fi waldaa-gamtaa oggansa lafa dhedicha margaa waliin ta'uun seera mataa isaanii tuman.Seerri kun kan tumame gandoota shan keessatti. Kuusaaaleen bishaani gara olii fi gadii isaa akka namaafi beeyiladi seenanii

qulqullina bishaanii infaalleef ittisin barbaachisu ijaarameefii jira. Seerota kuusaa bishaaniif ba'an kan cabse irratti qoqqobiin fayyadama bishaanii akka qaqqabu qajeeloo seerichaa keessa isa tokkoodha. Dhiyeessiin bishaanii diriirfame hawaasa naanowaaf bu'aa armaan gadii fideera.

✔Hosiifatee bultootin fi qonnaafi hosiifatee bulaan bishaan mana isaanii biratti argachuu danda'aniiru. Innis omishaafi omishtummaa

beeyiladootaa dabaleera, faalama naanowaas hir'iseera.

✔Dubartooti hojii isaanii mana keessaf yeroo ga'aa akka argatan taasise.

✔Daa'imman mana barnootaa akka hordofan taasise. Akka ragaan ganada Beraka ibsutii harcaatiin barattoota lakkofsa guddaadhaan hirateera. Ganada Sedeta keessattis sababa kuusaa bishaanii Sedeta ijameen harcaatii barattootaa hir'ateera.

✔Gararraafi gadjallaan kuusaa bishaanii faalama namaafi beeyildaa irraa bilisa ta'u.

✔Beeyiladootiniifi namootin bishaan addatti waan fayyadamaniiif bishaan namootin fayyadaman gabatee sand box jedhamuu akka calalamu ta'ee jira.

✔Fayyadamtootin bishaanii hamma fayyadamanitti kaffaltii kaffaluun tajaajila argamu akka fufiinsa qabaatuuf fayyadee jira.

Gabatee 3: Kuusa bishaanii piroojektichaan ijaraamanii namootaafi beeladoota irraa fayyadaman

T.L	Ganda	Aanaa	Abbaa warraa			Beyiladoota				Ida'ama
			Dh	Dha	Ida'am	Loon	Re'e	Gaala	Harree	
1	Sirima Homote	Berbere	190	6	196	1641	2273	1131	290	5335
2	Kuusaa bishaanii Berak Sedeta	Delloo Mena	325	16	341	485	1705	250	193	2633
3	Kuusaa bishaanii Naniga Dera, Keba Chama	Delloo Mena	240	10	250	3250	1,932	1,000	134	6316
4	Kuusaa bishaanii Horakore, Haro Gurraatti	Medda Wolaab	225	35	260	2756	3380	175	105	6416
5	Kuusaa bishaanii Medda , Sara	Medda Wolaab	315	25	340	4250	5440	850	190	10730
	Ida'ama		1295	92	1387	12382	14730	3406	912	31430



Boolla bishaan dhugaatii mijeessuuf qotame

3.4.1.5 Walitti Hidhamiinsa Gabaa Umuu

Waldaaleen Hoji Gamtaa misooma nyaata loonii irratti ijaaraman akka daldaala loonii keessa galanii misseensota isaaniif walitti hidhamiinsa gabaa umuun waldaa isaaniif galii dabaluu akka danda'an

deggarsi godhameera. Waldaaleen akkataa ittiin daldaala jalqabaniifi guddifatan irratti leenjii kan kennameef yoo ta'u, maallaqa ka'umsaa daldaala looniif isaani ta'ufi maallaqni sanyii fooyya'a bitachuuf olu kennameeraaf. Hojiin piroomooshinii hojjetameen waldaalee loon gabbisaniif manneetii tajaajila qalma keennan damee

dhuunfaa gidduutti walitti hidhiinsa gabaa umamuun dandaameera. Walitti hidhiinsa gabaa kana qabatamaafi ittifufiinsa kan qabu gochuuf giddu galli gabaa horii (loonii) sk.meetirii (10,000m2) Magaalaa Dalloo Mannaa keessatti piroojeektii SHARE BERN ijaaramee tajaajilaaf qopha'ee jira. ■



Giddugalaa gabaa beelladaa isa lammaffaa Magaalaa Dellomenaa keessatti argamu

3.4.2. Hojii Qonnaa Jijjiirama Qilleensa Dandamatu

Kaayyoon piroojeektii Hojii Qonnaa Jijjiirama Qilleensa Dandamatu (Climate Smart Agriculture, CSA) malloota qonnaa ammayyaa haala qilleensaa irratti hundaa'e ummata biraan gahuufi hojii piroomooshinii bakka deeggarsa addaa barbaadan sadii piroojeektii Ikoo-naannoo isa marsaa 2ffaa keessatti ciminaan itti fufsiisu ture. Namoonni piroojeektii qonnaa climate smart jedhamu kana irraa fayadamoo ta'an kan calalaman/ filataman: koree jiraattota gandaa, oggantoota sadarkaa gandaafi aanaa irra walitti babahaaniin bifa hirmaachisaafi loogii hinqabneen ture. Kallattima kanaan, gosti sanyii fooya'oofi filatamoon gandoota hunda bira kan gahan yoo ta'u dirree qonnaan bultootoota 173 irratti yaaliin irratti gaggeeffamee jira.



Kilaasterii/kutaa godina Baalee qilleensa baramaa gamoojjii qaban keessatti gostti midhaanii kan akka gosoota boqqolloo (Malkaasaa 2, Malkaasaa 4fi MH-Q 130), gosni xaaffii (CR-37 Boosatfi Quncoo) akkasumas haricoat bean / hundi maasaa qonnaan bulaa irratti yaaliin irratti gaggeeffameera. Bifuma walfakkaatuun, gosa midhaanii kan akka garbuu, baqaqelaa, qamadii, mosee/dinnichafi qullubbii diimaa /red Bombe kunniin ammoo lafa baddaa/high land/ gandoota deggarsa qonnaa barbaadan keessatti qaqqabee raabsameera. Dabalataanis, gandoota godanichaa qilleensa baratamaa badda-daree qaban keessatti gosni midhaanii kan akka boqqolloo, mung bean, qamadii, haricot bean qonnaan bultootaaf dhiyaatanii turan. Maloonni qonnaa fooya'aoo kan akka sararaan facaasuufi midhaan walkeessa makaniif facaasuu maasaa qonnaan bulaa irratti yaaliif gahanii jiru. Adeemsa piroojeektichaa madaaluufi muuxannoo gaggaarii tamsaasuuf qaamota dhimmi ilaalu waliin daawannaan dirree gandoota baddaa, badda-dareefi gammoojjii keessatti gaggeeffamee ture.



Sanyii fooyya'aa adda addaa kan xaaffii, ifaattee (dinnichaa) fi boqqolloo

Walumaagalatti namoonni daawannaa dirree sana keessatti qooda fudhatanii turan 807 yoo ta'an kana keessaa 115 qonnaan bultoota gandoota adda addaa keessaa wal itti bobba'an yoo ta'u kanneen hafan ammo giddu galootaa qorannoo qonnaafi waajiraalee mootummaa irraa walitti bobba'aniin hojiin madaalliifi daawwannaa dirree gaggeeffamaa ture. Oomisha gosa sanyii filatamoo irraa argame ilaalchisee daataan guuramee kan ture yoo ta'u, qorannoo gageeffameenis oomishi gosa sanyii filatamoo irraa argame kan sanyii gosa naannoo caalee argamee

ture. Qorannoo gosa sanyii filatamoo bu'aan achi irraa argame ilaalchisee, bu'aan/callaan oomishaa xaafii/low land cluster ykn gammoojjii fooya'aa irraa argame kan aadaan jiran irraa dacha sad'iin kan dabale ture, oomishni mosee/dinnichaa harka 2.3 dabaleera, oomishni qullubbii harka 2.5, oomishni qamadii harka lamaan kan dabale yoo ta'u oomishni boqqolloo harka 1.5 dabalee argameera. Qonnaa bifa ammayyaan gaggeeffamu cimsuuf jeecha hojiin muuxannoo waljijjiirraa qonnaan bul'toota giddutti gaggeeffamaa ture kanaanis marsaa tokkotti qonnaan bul'toota 209 fayadamoo taasisuun danda'a meera. Fedhiin qonnaan bul'toonni sanyii filatamoo fayadamuuf qaban olaanaa ta'ee argameera.

3.4.2.1. Deeggarsa Oomisha Kuduraaf Mudura irratti Godhame

Oomisha fuduraaf kudura irratti hojjachuufi baballisuun kallattii xiyyeeffannoo pirojeektii SHARE BER/ Ikoo-naannoo Baalee keessaa isa adda dureedha. Haaluma xiyyeeffannoo godhameen, leenjii, gorsa, sanyii filatamoo deggarsa gama callaa guddistoota kennuun taasisameen ummani naannoo oomisha kuduraafi muduraa keessatti beekumsaan deggaramani akka hirmaatan gochuun danda'a meera.

Irraa fayadamtoonni kuduraafi mudura gabaatti dhiyyeessuun galii kan argatan kan godhame yoo ta'u oomishni kuduraaf muduraa irratti gurmaa'aniif madda galii amansiisaa ta'u danda'eera. Fakkeenyaaf, qonnaan bul'toonni kuduraaf muduraa Ganda Maddaa jedhamu keessa jiraatan oomisha marsaa tokkoon hektaara 1.0 irratti oomishan irraa abbaa warraa tokkotti galii qarshii 11, 000.00 (kuma kudha tokko) argachuu danda'a'ani jiru. Fedhii cimaa qonnaan bul'toonni misooma kuduraaf mudura irratti qaban irraa ka'uun gaaffii dhiyyeessaniin gosni biqiltuu kuduraafi kuduraa filatamoon namoota faydamtoota 110 aanaalee baddaa, badda dareefi gammoojjii keessa jiraataniif rabsameera. Biqiltuun ija mukaa kan akka avookaadoo, maangoo, appilii naannoo sanatt akka beekaman ta'era. Kuduraaf mudura qileensa baratamoo naannoo sanaaf tolan giddugaloota qorannoofi hirmaannaa ummatan addaan akka bahan gochuun danda'a'ameera. Kaayyoo guddoon sanyii biqilootaa oomisha guddaafi galii guddaa qaban kan qorachuun ummata biraan gahuu jiruuf jirenya hawaasaa fooyyessuufi dhiibbaa bosona irraan ummanni gahu maqsuuf yaadameti. ■



Sanyii ifaatee (dinnichaa) fooyya'aa maasii qonnaan bulaarratti omishame (Ballaxaa bitaa, Guddannee mirga, Duramee gubbaa)



Oomisha kuduraa Ganda Maddaa, Aanaa Madda Walaabuu keessatti



Biqiltuwwan fuduraa maangoofi avokaadoon horsiifaman

3.4.3. Tumsa Madda Galii Dubartootaa Fooyyessuuf Tasifame



Garee dubartootaa bu'aawwan annanii omishuun gabaaf dhiyessan

Piroojeektiin SHARE BER dubartoota waldaan ijaaruun kan ijaaraman ammoo garee biizinasii xixiqqatti qooduun gargaaree qooda isaan dingdee hawasa waliigalaafi kan maatii keessatti qaban haalaan cimsuuf tumsaa tureera. Dabalataanis, dhiyeessii maallaqaa daldaalaaf barbaachisu dhiyeessuu qofa osoo hintaane qoodaafi dandeettii dubartoonni murtoo kennuu keessatti qaban sadarkaa olaanatti guddisuun danda'ameera. Bifuma kanaan, piroojeektichi dubartoota oomisha annanii irratti ijaaraman miseensota 50 qabaniif deggarsa maallaqaafi teknika taasisaa tureera. Fayadamtoonni misoomaa kun deggarsa karaa adda addaan argachaa turan keessaa caqasuuf, deggarsa leenjii, walitti hidhamiinsa gabaa, beekumsa tooftaa ogansa waldaalee, mala ittiin qulqullina annanii eegan, mala ittiin ragaa qabatanfi haala qabannaa maallaqaa irratti muuxanoo gaggaarii kennee jira. Dabalataani, deggarsa meeshaa annan calalu/dhimbiibu kan akka meeshaa chuner jedhamu, meeshaa cream separator jedhamu, jarkaani annaniif bishaan itti qabachuuf olanifi meeshaalee biro barbaachisoon deggarsaan kennamanii jiru. Garee

misoomaa sanaaf wal itti hidhamiinsa gabaa umuuf jecha giddugalli annan oomishan lama ijaaramuun tajaajila kennuu danda'anii jiru. Haaluma kanaan, gareen misoomaa kun annan omishuufi bu'aa annanii kan akka dhadhaafi ittittuu gabaa naannoof dhiyeessuu danda'eera.

Bifuma walfakkaatuun, gareen biroon horsiisa re'ee irratti hojjatan deggarsa maallaqaa piroojeekticha irraa argachuu danda'aniru. Gareen kun miseensota 84 kan ofkeessaa qabu yoo ta'u, mataa mataatti qarshii 2,500.00 kuma lamaaf dhibba shan karaa koree jiruuf jireenya hawaasaa fooyyessu irratti xiyyeeffate maqaan isaa PRM jedhamuun mata mataatti re'ee hadhoo sadi sadii bitachuu danda'aniru. Miseensoota hunda bira liqa hojiif barbaachisu liqa yeroo dheeraa booda deebi'u qaqaabsiisuuf maalaqni liqaaf olu bifa baajata marmaartuu/revolving fundn akka ta'uf karaa koree PRM CBO mijeeessuun danda'ameera.

Dabalataanis, hojiin daldaala xixiqqaa guddisuu, jajjabeessuufi kan bu'a qabeessa ta'an galii isaanii dabaluuft wantota tolan kan akka horsiisa lukkuu gosa fooyya'oo

ummataaf kenna tureera. Haaluma kanaan, bakki itti horsiisan, waan itti lukkuu nyaachisaanfi kunuunsan kenameera. Tokkoo tokkoo miseensaaf ammo lukkuu torba torba kenameeraaf. Akkasumas, aadaa qusannoo garee/waldaa misoomaa cimsuuff kaayyoo piroojeektichaa kan dinagdee hawaasaa fooyyessuu irratti xiyyeeffate sana dhugoomsuuf kan gargaaru waldaaleen liqif qusannaa VSLA jdhaman sadii dhabbatanii jiru. Waldaan kun seera ittiin bulmaataa kan qaban yoo ta'u hangi qusataniifi dheerinni yeroo qusannoo dhaabataa akka qabaatan taasifameera. ■



Horsiisa ro'ootaa, Dalloo Manaatti

3.4.4. Tajaajila Karoora Qusannoo Maatiifi Kunuunsa Qabeenya Uumamaa Walitti Qindeessuu

Hanga walitti dhufeenya qusannoo maatiifi guddina dinagdee ilaalchisee waltajjiin hubannoo umuu yeroo dheeraaf itti fufiinsaan gaggeeffamaa turuyyuu, hanga barbaadameen walsimsiisuun hindandaa'amne ture. Kun immoo adeemsa hiyyummaa hirisuu keessatti

gufuu hamaa ta'u piroojeektiin BER nihubata. Bu'uuruma kanaan, piroojeektiin SHARE BER haala qusannoon maatiifi hubannoon hawaasaa irra jiru baruuf qorannoo wajiraalee fayyaa godinaa, aanaafi namoota bebbeekamoo hirmaachisuun taasifameen barsiifata boodatti hafaafi

dhiibbaan gama amantiin jiran dhiibbaalee jajjaboo tajaajila qusannoo maatii midhanii jiru.

Sadarkaa rakkoon qusannoo maatii godinaaleefi aanaa irra jiru qorannoon erga addaan baafateen booda piroojeektiin SHARE BER dhiibbaa gama



Addee Abbabach Jottee, Abbaamanaa Addee Abbabach intala isaanii wajjin

kanaan jiru maqsuuf kan tolu istraateejii qopheessuufi haala mijeeessuun ogeeyyii fayyaa zoonota, aanaaleefi ogeeyyii ekisteenshinii fayyaa waliin walii galteen hojjechaa tureera. piroojeetiin SHER BER deggartoota maallaqaan piroojeeticha waliin hojjatan waliin ta'uun dhimma qusannoo maatii irratti fayadamtoota dhimma fayyaa kan biro irratti hojjachaa jira. Waggaa tokko darbe keessa koree fayyaa sadarkaa gandaattan dhaabbatanii hojii keessa jiran cimsuun kan biro haaraa dhaabuun gandoota deggarsa addaa barbaadan gargaaruun ciminaan socho'aa tureera.

Koree fayyaa sadarkaa gandaatti dhaabbate akka meeshaatti fayadamuun ballinaan ummata bira gahaa turre. Koreen fayyaa sadarkaa gandaatti dhaabbate kun miseensota addaa addaa kan akka bulchiinsota gandaa, duburtootaa paakeejii ekisteenshinii faayyaa hojii irra olchuun adda dure ta'an, bakka bu'oota dhimma dubartootaa, Hojjattota Misooma (DA), daarikteerota manneen barnootaa, hojjatoota ekisteenshinii fayyaafi garee eegumsa fayyaa sadarkaa duraa kan ofkeessatti qabateedha. Dandeettii koree fayyaa sadarkaa gandaa kana cimsuuf leenjii gorsii addaa addaa ogeessota fayyaa sadarkaa aanaa waliin ta'uun keennamaa ture. Koreen sadarkaa gandaatti dhaabbate kun dirqama ummata qindeessuu, ijaaruu, to'achuufi sadarkaa sochiif hubannoon ummata irra jiru gabaasuu qaba.

Kaayyoo SHARE BER qusannoo maatii guddina dinagdee waliin wal simsiisuuf qabatee hojjachaa ture milkeessuuf walumaa galatti gandoota kudha lama keessatti koree fayyaa sadarkaa gandaatti hojjatan 12 ijaaramanii, leenjiin akka dandeettiin isaanii cimuu taasisuun deggarsa olaanaa gochaa tureera. Koreen

fayyaa qusannoo maatii milkeessuuf sadarkaa gandaatti dhaabbate kun garee xixiqqaa dubartootaa heeruman, dhiirota, dargagoota fayyadamtoota piroojeektichaa ofkeessaa qabuf marii xixiqqaa qopheessuun sochii hawaasaa umuun jabinaan hojjachaa tureera. Dabalataanis, koreen kun baayina ummataa, naannoo jireenyaafi fayyaa namaaf mijataa, miidhaa gama genderiin dhufu, kittansa dubaraafi heeruma umurii malee irratti hubannoo gadi fagoo umeera.

Yeroo marii garee taasisan miidhaa tajaajila qusannoo maatii fayyadamu dhabuun fidufi fayyidaa tajaajila qusannoo maatii fayyadamuun qabu meeshaalee kan akka IEC/BCC kan ta'an PHE/FP filipbookfi poosterii fayadamuun walbira qabani ummata barsiisiisuun hubannoo umaa turre. Gama birootiin, taaskfoorsiin sadarkaa addaa addaatti dhaabbatan hojii gama maraan hubannoo umuun koree fayyaa sadarkaa gandaatti dhaabbate sana deggaraafi cimsaa gahee isaanii miira olaanaa raawwachu duubdeebiifi yaada ijaaraa koree sanaaf kennaa turan.

Yaaliifi ifaajeen kun walitti qabamee yemmuu ilaalamu, hubannoo ummatni qusannoo maatii irratti qabu dabaluu irra darbee itti faydama qusannoo maatii gandoota haala addaan qorannoon irratti gaggeeffame keessatti kan bara 2014 %36 ja'a irra ture bara 2016 %36 tti ol guddachuu danda'era. Bu'uaan baayee ajaayibsiisaan kun kan argamuu danda'e barsiisa koreen sadarkaa gandaa, sochii kilabiin manneen barnootaa, maree hiriyoootaa/peer group discussion waliin godhaniifi barsiisa qusannoo maatiin godhametu bu'aa kan fiduu danda'e.

Bu'aa akkanaa kun yeroo arjoomtoti misoomaa gamtaa awurooppaa /

EU/ daawwannaa dirree taasisan gabaasa keessatti akka harmaan gadii itti caqasamee ture. Innis, "sochiifi deggarsii tumsa miseensta piroojeektii SHARE BER, waajjiraa fayyaa aanaafi koree fayyaa gandaa taasifameen ilaalchi dogongoraa ummanni tajaajila qusannoo maatii irratti qabu gama jijjiiruun gahee olaanaa taphachuu danda'anii jiru". Gabasuma sana keessatti yoo jabaatanii tajaajila qusannoo maatii irratti hojjatan miidhaa gama qabeenya uumamaa jiru dandamachuun akka danda'amu caqasameera.

Piroojeetiin SHARE BER kun namoota naannoo jireenya gammachuu qabu qaban, maatii gammadoo fayyabuleessa, dinagdeen fooya'oo, maatii galiin walsimate qaban akka adda duretti fudhachuu warra kaan barsiisaa ture. Namoota akka adda duretti eraman keessaa adde Abbabeeth Jootee akka fakkeenyaati eruun nidandaa'ama. Isheen kan jiraattu abba manaa ishee waliin ganda Bakkaayee aanaa Harannaa Bulluq keessa yoo ta'u kan heerumte waggaa 8tiin dura.

Yeroo waggaa 8 kana keessatti mucayyoo durbaa tokko qofa qabdi. Iccitiin waggaa amma kanaa dhala tokko qofaa qabaachuu dandeesseef tajaajila qusannoo maatii haalaan yeroo dheeraaf waan fayadamaa turteef. Yeroo piroojeetiin SHARE BER hojii ofii Baalee keesstti eegale adde Abbabeeth koree fayyaa gandaa waliin ta'uun fayyadama tajaajila qusannoo maatii irratti barsiisaafi gorsaa turte. Kanaanis, hawaasa keessatti fakeenya gaarii ta'uu dandeessee jirti. Kaka'umsi adde Abbabeeth goote ummata hubannoo hinqabne dadamaqsee jijjiirama ilaalchaa kan fideefi piroojeektichis namoota akkanaa faydumuun jijjiiram ariifachiisaa fiduuf danda'eera. ■

4

Bu'aa Piroojeektii Tamsaasuu, Hojii Koomuunikeeshinii Hojjachuu, Beeksiisuufi Mul'isuu/Ifa Taasisuu

Bu'alee Piroojeektichaan argaman, muuxannoowwan gaggaarii, tooftalee hojichaa milkeessuf hojii irra olaa turan miidiyaalee adda addaa kan akka miidiyaa barreeffamaafi elektirooniksiitti dhimma bahuun hojii gurguddoo arjoomtotaan hojjataman, hojii qooda fudhattoota mootummaafi miti-mootummaan hojjataman, gahee dhimmamtoota adda addaa, hirmaannaa ummata ball'aan taasifameefi yaada ummatni piroojeekticha irraa fayadamoo ta'an keenna bifa qindaawaafi hirmaachisaa ta'een tamsaasaafi beeksisaa turre.

Bu'uruma kanaan, yeroo waggaa lama ta'uuf, bu'alee ijoo pirojeektichaan argamaniifi adeemsa raawwii isaa paawoor pooyintii/power point/ fi workshooppiwwan yeroo addaa addaa qophaa'an fayadamuun qooda fudhattoota mootummaa federaalaa sadarkaa sadarkaan jiraniif, waajiraalee bulchiinsotaa mootummaa Oromiyaa sadarkaa adda addaa jiraniif, dhaabbilee miti-mootummaa maallaqaan oiroojeekticha deggaraniif, dhimmamtootafi ummata naannoo pirojeekticha irraa fayadaniifi muuxannoo hojii gaggaarii dabarsaa, barsiisaa, beeksisaa tamsaasa turre.

Dabalataanis, daawwii dirree baakka piroojeektichi jiru (Baalee eco region) itti arjoomtotaaf, Foramii Qooda Fudhattoota Olaano (FQFO) kan Minister Deetaalee Federaalaafi Ogantoota Biirolee Oromiyaa adda addaa ofkeessatti qabu (High Level Partners Forum) jedhamee beekamu, ogantoota zoonii dhimmi ilaallatu , ogantoota aanaalee dhimmi ilaallatu fi bulchiinsota gandoota sadarkaa sadarkaan jiranfi hawaasa naannoof hojii misoomaa piroojeektichaan hojjatame akka daawataniifi haala mijataa umneen hunduu argamanii adeemsa isaa qabatamaan ilaalanii jiru. Akkasumas, hojii pirojeektichaa daran mullisuufi beeksisuuf, raawwii isaa kan suuraa, broosherootaafi baannerootaan deggarame maxxansuuf raabsamaa ture.

Adeemsaafi raawwii hojii Pirojeektichi keessa darbe, kalaqa hojichaa olaniifi tooftaa ittiin hojichi adeemaa ture gama ilaaluun sab-quunnamtii ummataa kan akka TV, raadiyoofi miidiyaalee barreeffamaatti fayadamuun akkasumas dookimeentarii suuraan deggarame qaamota dhimmi ilaaluuf tamsaasaa turre. Korporeeshinii Biroodkastiing Itoophiyaa/ Ethiopian Broadcasting Corporation(EBC) kan huwisa qilleensaa sagantaa sa'aa 22 ofkeessaa qabu akkasumas raadiyootti fayadamun dokuumeentarii filmii Afaan Oromoo, Amaariffaafi Ingiliffaan pirojeekticha ilaalchisuun qophaa'e tamsaasaa turre.

Dabalataanis , qaama Ejansii Pireessii Itoophiyaa (Ethiopian Press Agency) kan ta'an gaazexoota The Ethiopian Herald Heraldfi Bariisaa irratti artiikilii /barruulee/ kudha lama (12) afaanota sadeeniin jechuunis Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Ingiliffaan maxxansiisuun beeksisaa turre. Marsa ariitii (web sites), biloogota (blog) adda addaa fayadamuun hojii barsiisuu, leenjisuu, muuxannoo dabarsuufi hubannoo kennuu bal'inaan qaama dhimmi ilaallatu mara biraan ga'aa turre. Akkasumas, adeemsa hojii pirojeektichaa, sadarakkaa

raawwii inni keessa darbe, qindeessuu, maxxansuu, barruulee waggaa (news letter) qopheessuu, sagantaa raadiyoofi TV fi marsa ariitii fayadamuun dhaabbilee gargaartotaafi arjoomtota odeeffannoon qaqabaa /bira ga'aa turreerra.

Qaabiyyee, maalummaafi kaayyoo hojii qorannoo pirojeektii SHARE BER ilaalchisee bifa ifaafi gaabaabaa ta'een akkasumas bifa hundumtuu hubachuu danda'uun, qorannoon hojii irra olmaa maallaqaafi madda maallaqaafi waantota fooya'uu qaban irratti xiyyeeffate wixineeneen isaa xumuramee maxxansamee raabsaaf akka olu taasifameera.

Tooftaan kominikeeshinii/ communication strategy/ pirojeektii SHARE BER kun akkaam akka ta'uu qabuu, qabiyyee kallattiin gara fuula duraa ilaalchisee wixineen qorannoon deggarame qophaa'ee pirojeektichii haaluma karoofameen sadarkaa raawwii keessa darbuu qabu hunda akka darbu irratti waliigalameera.

Hojii Pirojeektichaa Beeksiisuu /Mul'isuu/

Gahee arjoomtota Gamtaa Aurooppaa (EU), gahee dhaabbileen miti-mootummaafi arjoomtota adda addaa deggarsa maallaqaafi ogummaa pirojeektichaa gumaachan beeksiisuu/mul'isuufi galateeffachuun waltajjii hunda irratti, bakka leenjiin kennamu hundatti, workshooppii qapha'u fi waltajjii marii hawaasaa mara irratti bifa addaa addaa deemaa tur. Walumaagalatti hojiin beeksisaa beekamtii kennuu ballinaan hojjatamaa tureera. Dabalataanis, dokdokkee/ motor cycles, konkoolataafi laaptoppii, saayiin boordii/sign board/, biil boordii/ bill board, gabaasaafi piresenteeshinii keenya mara irratti loogoo gamtaa Aurooppaa (EU) fi qooda fudhattoota pirojeektichaa maxxansuufi beeksisuun hojiifi kaayyoon pirojeektichaa maal akka ta'e dhimmi ballinaan beeksiisuufi mul'isuu ciminaan hojjatamaa ture.

Fakkeenya kanaa kan ta'u bilog post tti harmaan gadii keessatti agarsiifameera.

<http://www.iwmi.cgiar.org/regions/africa/east-africa/ethiopia/news/>

<http://www.iwmi.cgiar.org/2016/04/ethiopia-mountain-communities-face-up-to-the-future/> ■



Af-gaaffii



Gaaffiifi Deebii

Obbo Kabbadaa Yimaam, Minister Deetaa, Ministeera Kunuunsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa

Ikoo Naannoo: Dubbistoota keenyatti ofbeeksisuu dandeessuu?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Kabbadaa Yimaaman jedhama. Minister Deetaa, Ministeera Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa Federaalaa ta'een hojjechaa jira. Bultii kanan qabu yoo ta'u abbaa ijoollee dhiiraa lamaafi dubara lamaa walumgalatti ijoollee afuran qaba.

Ikoo Naannoo: Hirmaanaa ykn gaheen piroojeektii SHARE BER keessatti qabdan maal fakkata?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Yeroo piroojeektichi ifatti hojii eegalee jalqabee keessatti hirmaachaan jira. Kanan gara piroojeektichaatti dhufuu danda'és, waamicha ogansaa olaanoof godhameen yemmuu ta'u, kaayyoon waamichaa fooramii qooda fudhattoota /dhimmamtoota sadarkaa olaanaa dhaabuuf ture.

Fooramiin qoodafudhattoota/dhimmamtoota sadarkaa olaano kun kan dhaabbate, bakka bu'oota Ministeera Eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa Federaalaa, Ministeera Qonnaafi Qabeenya Umamamaa Federaalaa, Ministeera Beelladaafi Qurxummii Federaalaa, Minsteera Bishaanii, Jallisiifi Humana Ibsaa Federaalaa, Dhaabbata Baayoo Daayivarsiitii Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Egumsa Bineensa Bosonaa Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Jijjiirama Qilleensaa Itoophiyaa, Abbaa Taayitaa Egumsa Naannoofi Bosonaa jijjiram Qilleensa Oromiyaa akkasumas, Komiishinii Misooma Naannoo Horsiisee Bulaa Oromiyaa, Intarpiraayizii Bosonaafi

Bineensa Bosonaa Oromiyaa, Bulchiinsa Godina Baaleefi Arsii Lixaaa irraa qaamota walitti bobaahaniin fooramiin qooda fudhattoota olaano kun kan dhaabbate.

Dabalataanis, fooramichi daarekteerota olaano mootummaafi daarekteerota biyoolessaa dhaabbilee miti-mootummaa, arjoomtota maallaqaa fi miseensota dhaabbata piroojeektii SHARE BER kan ofkeessatti hammatedha. Fooramii qoodafudhattoota sadarkaa olaano /FQSO/ keessatti barbaachisummaan marii, leenjii, bu'aa hojii beeksisuufi dandeettii raawachiisummaa ogansa cimsuu sadarkaa olaanatti qindoominaan irratti hojjatamaa tureera. Hirmaanaan hundaa fiixa bahiinsa/milkaa'ina pirojeektichaaf barbaachisaa ta'uu hubachuun qooda fudhattoota dabalataa kan akka Ministeerri Fayyaa Federaalaa, Ministeera Dhimmoota Federaalaafi Horsiisee Bulaa akka keessatti hirmaatan godhameera. Fooramii kana keessatti minsteerri keenya Ministeerri eegumsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa fooramii waliigalaa akka ogganu godhame. Haaluma kanaan fooramii kana olaantummaan ogganuf angoon kan kennameef yoo ta'u, Interpiraayiziin Bosonaafi Bineensa Bosonaa Oromiyaa ammo bakka itti aanaa dura ta'aa fooramichaa fudhachuun waliin hojjachaa turre. Walumaa galatti, Fooramichi miniteer deetaa ministeerota federaalaa ol itti caqasamanii, oggantoota biiroleefi abbooti taayitaa waajiraalee federaalaafi Oromiyaa irraa walitti dhufanii keessatti qooda fudhatanin kan ogganamudha. Kanafuu, ani minister deetaa Ministeera

Kunuunsa Naannoo, Bosonaafi Jijjiirama Qilleensaa, waanan ta'eef Fooramii qoodafudhattoota sadarkaa olaanaa kana sadarkaa durata'atti oggaan ture.

Ikoo Naannoo: Mee kaayyoo gurguddoo Piroojeektii SHARE Baalee Ikkoo Riijin/eco region nutti himtuu?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Xiyyeeffannoon pirojeektii SHARE Baalee Ikkoo Riijin inni gudoon qabeenya umamaa jiru kunuunsuu irratti hubannoo umuu , qabeenya umamaa manca'e deebisanii bayaanachiisun/dandamachiisuun, fayadama qabeenyaa umamaa madaalawaa beekumsa irratti hunda'e fiduun jireenya namootaa/ummataa kan baddaafi gammoojjii godina Baalee keessa jiraatuu fooyyessudha. Pirojeektichi haala qabatamaa naannoo, fedhii ummataa, haala qilleensa baramaa agroo ikkooloojii (baddaa, badda-dareefi gammoojjii) yaada keessa karaa galcheen qorannoofi gamaggama saayinsawaa taasiisuun hojii irra akka olu taasifame.

Pirojeektichi kaayyoo dhaabbateef fiixaan baasuuf baakkoota baayyee itti bu'aa isaa beeksisuu ykn hojii itti hiiku hedduu hojjateera. Kenniinsa tajaajilaa pirojeektichaan kennamu keessaa jajjaboon: dandeettii dhaabbilee cimsu, dandeettiifi hubanno ummata naannoo dabaluu, beekumsaafi hubannoo ogansaa cimsuun bifa itti fufiinsa qabuufi naannoo irraatti miidhaa hinfidneen qabeenya umamaa fayadamuu, muuxannoo gaggaarii naannoo qabatamaan dandamatee bu'aa buusee gara birootti baballisuu, qabiinsaafi kunuunsa sululaa cimsuun fayadama lfaa sagaantaafi karooraan taasisuu, jiruufi jireenya hawaasaa bifa

itti fufiinsa qabuufi amansiisaa ta'een jijjiiruu faadha.

Kaayyoo biroon milkaa'ina piroojeektiichaaf hirmaannaan qooda fudhattootaa, damee mootummaafi damee ummataa, ogansaafi deggarsa pirojeektii Eco Region Baaleef taasisan miira abbummaafi itti gaafatamummaa qabuun akka ta'u dadamaqsuufi hamilee itti horuu ture.

Ikoo Naannoo: Akka nama yeroo dheeradaaf pirojeektii eco region kana sadarkaa olaanaatti ogganaa tureefi keessa beekutti beekumsi, muuxannoofi mudannoon isin qabdan maal fakkata?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Beekumsafi muuxannoo ani ogansa pirojeektichaa keessatti hirmaachuun argadhe heddudha. Muraasuma xuquuf;

1. Tooftaa pirojeekticha hojii irra olchuuf dhimmi itti bahame hirmaachisaa ta'u irraa kan ka'e hedduu irraa baradheen jira. Pirojeekticha hojii itti hiikuuf dhaabileen arjoomtotaa shan qooda fudhatanii turan. Qaamoleen arjoomtotaa qooda fudhatan kun muuxannoo adda addaa kan qabaan yoo ta'anis akka qaama tokkotti waliin hojjechaa turan. Kun ammoo muuxannoo ajaahibaa fi aadaa waliin hojjachuu akka muuxannoo gaaritti caqasamuu danda'dha. Muuxannoon ani isaan biratti arge kun baayyee kan na onnachiiseefi beekumsa olaanaa nagonfachiise jechuu nandanda'a. Muuxannoon pirojeektii kana irraa argame gaarii waan ta'ee qindaa'ee pirojeektii biro biyyattii bakka adda addaatti gaggeeffamaa jiraniif darbuu qaban jedha.

2. Tooftaaleen pirojeekti kana keessatti dhimma itti baane kan qooda fudhattoota sadarkaa olaano hunda hirmaachisedha. Kun ammoo yaalii biyya guddisuuf godhamaa jiruuf akka muuxannoo gaggaarii ta'e tajaajiluu danda'a jedheen amana.

3. Pirojeektichi adeemsa qorannoofi yaalii misoomaaf godhamu kan wal itti hidhee deemaa turedha. Qorannoowwan gocha irratti hunda'ee /action research/ hedduunis hojjatamanii jiru.

4. Piroojeektiin kun arjoomtota dhaabbilee miti-mootummaa, ogantoota mootummaa sadarkaa federaalaa, ogantootaa biirolee naannoo Oromiyaa irraa hanga gandaa akkasumas, qoodafudhattoota sadarkaa sadarkaan jiran kan hirmaachise ture.

Ikoo Naannoo: Fayidaa fayadamtootaa/ummataa akkasumas guddinaafi misoomaa sadarkaa olaanatti mirkaneessuu keessaatti dhaabileen misoomaa kan akka dhaabbilee miti-mootummaafi qaamoleen mootummaa gara fuula duraa gaheen taphachuu qaban/ maal ta'uu qaba jettu?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Gahee gurguddoo qaamoleen kuneen taphachuu qaban muraasa caqasuuf:

1. Iftoominaafi qoodafudhannaa dhugaan mitimootummaafi mootummaa gidduutti, akkasumas dhaabilee mitimootummaa gidduutti umuun ajandaa misoomaa hunda irratti hirmaachisun dhugoomsuu,

2. Tooftaa waldeggarsaafi waliin hojjachuu cimsuun qulqullina hojii mirkaneessuu, qisaasama yroofi maallaqaa hambisuun irra deddeebii dhibamsiisuu,

3. Aadaa muuxannoowwan gaggaariifi hojii raawwii gaarii qaban qindeessuufi beeksisuu cimaniif dirqama lammummaa bahuu danda'un waan ani akka ergaatti dhaamudha.

Ikoo Naannoo: Sagantaa pirojeekti eco region Baalee kana sadarkaa yaalii duraaf pirojeektii gaaggeeffame keessatti rakkoofi sodaan isin quunamanii turan maalfaa'i?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Hirmaannaa karaa oggansaan godheefi daawwii dirree taasisaan, waanan hubadhe, yeroon pirojeektichaa gabaabaa ta'uufi hanqina fandii/maallaqaati. Dhiibbaan pirojeekti eco region Baaleefi bu'aa isaa irratti gama hanqina maallaqaa ture furamee muuxannoon gaggaariin argame qindaa'ee ammoo bakka biratti darbuu qabaan dhaamsa kooti.

Baaki pirojeektiin kun itti yaaliif qaqabe kun ballina kan qabuufi agiroo ikooloojii adda addaa kan qabu, teessuma walxaxaafi gosa hedduu kan qabu, qubsuma seeraan alaa, seera malee mukaa muruu, dhiibbaan kun hundumtuu hojiiin sun yeroo dheeraafi maallaqa / qabeenya guddaan keessa seenanii hojjachuu kan gaafatu ta'u nutti agarsiisa. Bu'uruma kanaan, ogansa pirojeektii yaalii keessa ture sanaaf qormaata waantonni turan jijjiirama qilleensaafi gogiinsi bu'aan pirojeektii itti fufiinsa akka hinqabaanne waantota godhan keessaa issaan gurgoddodha. Waan hundaafuu, qabiinsa ragaa adeemsa pirojeektichi keessa darbeefi

bu'aa inni fide ilaalchisee hanqinaafi cimina addaan baasuun qindeessuun piroojeektii fula duraaf mala dhahuuf gargaara.

Ikoo Naannoo: Muuxannoofi barumsa ogansa misooma walini irraa argatte fayadamuun gaheen arjoomtotaafi ummataa misooma fiduu keessatti maal ta'uu qabu jettu?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Hirmaannaan dhugaa ummannifi arjoomtonni hojii irra olmaa pirojeektii kunuunsa naannoofi egumsa qabeenya umamaa irratti hojjachuun jiruufi jireny ummataa GTP II keessatti jijjiiruuf sochiin godhan salphaatti kan ilaalamu mti. Gaheen ummataafi arjoomtotaa bu'aa barbaadam akka fiduuf karaa qindoomina qabuun oganuu barbada. Dameeleen kun lameen yoo beekumsaafi hubanoon oganaman misoomaafi guddina biyyaa keessatti gahee olaan taphatu jechuun nidanda'ama.

Ikoo Naannoo: Pirojeektiin eco region Baaleen wal fakkaatan akkanaa essatti akka baballatan yaadaa dhiyeessitu?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Hunda dura, pirojeektiin eco region Baalee kun yeroo ammaa kana sadarkaa pilot/ yaalitti godina Baaleefi Arsii Lixaa keessatti murtaa'ee jira. Ammaan achi garuu dambalii isaa ballisee cimee bifa guutuu ta'een naannoo ltoophiyaa Somaalee itti baballachuu qaban jedha. Dabalataanis, bu'aafi muuxannoon yaalii kan irraa argamee qaacceffamee fooyyahee naannoo biraatti baballachuu qaba. Tarii waan baballina olitti akka ta'uuf hawame kanaaf maallaqaafi yeroon akka sodatti ka'u mala ta'a. Waantota akka sodatti ka'an kana furuun pirojeektiin kun xiyyeeffannoo naannoo balaaf saaxilamaniif dursa kennuun sadarkaa biyyaaleessatti balinaan hojii irra oluu qaba. Walitti dhufeenyafi degersa qaamolee dhimmamtootaa/qooda fudhattootaafi deggertoota misoomaa gidduu kan amma jiru ol cimuu qaban jedha.

Ikoo Naannoo: Ergaan dabalataa dubbistoota keenyaaf dabarsuu barbaaddan yoojiraate?

Obbo Kabbadaa Yimaam: Dhaabbileen miti-mootummaa hojii walfakkaataa keessatti hirmaachaa jiraniif dhaamsa ani qabu walgargaarsaafi deggarsa dhaabbilee gargaarsaafi arjoomtotaa irraa barachuufi ofitti fudhachuu qabun jedha. ■

Piroofaayilii Raawattootaa Gabaabaatti

Qonna Afriikaa(Farm Africa)

Qonni Afriikaa dhaabbataa bu'aa mataasaaf hindalagune dhaabata tola oolaa hiyyumaa Afriikaarraa balleesuu badhaadhina baadiyyaa keessatti mirkaneessuuf hojjetuudha. Qonni Afriikaa(farm Africa) dhaabbata gaafa Afriikaa keessatti hijechaa jiru ta'ee yeroo amma kana biyyota akka Itiyoophiyaa, Keeniyaa, Sudaan kibbaa, Taanzaaniyaafi Yuugaandaa keessaa sagantaalee kan qabu dha. Hojii kallattii lamaa walfaana hojjetaa jira: guddina diingideefi bulchiinsa qonaa qabeenya umamaa walmaddii raawwachuu dha. Giddu lixiins(intervention) qonna Afriikaa kan xiyyeeffatu midhaan, horsiisa loonii, qonna bosona Afriikaa Itiyoophiyaa keessatti hojjechaa jira.

Mul'ata: Baadiyyaa Afriikaa bdhaatuu

Ergama: Guutummaan guutuutti Afriikaarraa hiyyumma xiqqeessuu dandeettii galii qonnaan bultoota Afriikaa cimsuun fi fufiinsaa qabeenya isaanii akka kunuunsan taasisuudha.

Toora interneetii : www.farmafrica.org

Institiyuutii Oggansa Bishaan Biyyoolessaa

Institiyuutii oggansa bishaan biyyoolessaa dhaabbata bu'aa mataa isaaf hinhojjenne dhaabbata qorannoo biyyoolessaa misooma bishaaniifi qabeenya lafaa fufiinsa qabu biyyoota guddachaa jiran keessatti mirkaneessuuf hojjechaa jiruudha. Waajjira muummichaa Kolombiyaa, Sirilaankaa akkasumas waajjiraalee naannoo ardii Eshiyaafi Afriikaa irraa qaba. Institiyuutiin oggansa bishaan biyyoolessaa qamolee hawaasaa, mootummaa, seekiteroota mitimootummaa waliin ta'uun oggansa qonna bishaanii ol-dabalaa deemuuf fala hiyyummaa dhabasiisuu,hnqina midhaan nyaataa dhabamsiisuufi sirnakoo fayyabuleessa akka ta'uuf hojjetaa jiru. Institiyuutii oggansa bishaan biyyoolessaa miseensa CGIARfi Qorannoo waltahiinsa idila addunyaa mirkaneessa hanqina midhaan nyaataa gara fuulduraa jedhamanii ti.

Mul'ata:akkuma tarsimoo bara 2014-2018 keessatti ibsame 'Bishaanni addunyaaf ga'aa dha'

Mission: Jireeny ummataaf, naanawaa mirkaneessa wabii nyaataa akkasumas misooma tasgabbaa'aa fi oggansa bishaanii qabeenya lafaaf furmaata ragaa irrattihundaa'e dhiyeessuu. Institiyuutiin qorannoo horsiisa beeyildaa biyyaalessa waajjira Institiyuutii oggansa bishaan biyyoolessaa Afriikaa bahaa addis kaampaas,

Addis Ababa Itiyoophiyaa jiru ofitti fudhate.

Toora interneetii: www.iwmi.org

SOS

Dhaabbati Saahel jedhamu Yeroo jalqabaaf dhaabbata miti mootummaa biyyoolessaa tajaajjila tola ooltummaaf hundeeffameedha. Dhaabbatin (SOS Saahel biyyoolessa UK) bara 1984 hojii kan eegale horsiifatee bulaafi qonnaan bultoota bakka Sahaaleen Afriikaa jedhamu naannowaa lafa gogaa irra jiraatan kanneen akka Sudaan, Niiger, Maalii, Chaad,...kkf gargaaruuf. Bara 1989 piroojektii misooma baadiyyaa jedhamuun wabii midhaan nyaataafi bulchiinsa qabeenya hirmaachisaa mirkaneessuuf Itiyoophiyaatti kan eegaleedha. Ministeera haqaatiin bara 2005tti SOS Sahaale Itoophiyaa jedhamu akka dhaabbata miti-mootumma biyyaalessaa tokkotti Itiyoophiyaatti galmaa'uun beekamtii argate. Dhiyeenyatti akka tola oolaa jiraataa Itoophiyaa tokkootti gara Eejensii hawaasaafi tola ooltumma jechuun hiyyumaasaa haressera.

SOS Sahaale Itoophiyaan jijjiirama sadarkaa jireenya qonnaan bultoota sadarkaa gadiirra jiraniifi horsiifataae bultoota: oggansa naannawaa fooyya'aa jalatti wlittifduun, tajaajila fooyya'aa akka argatan taasisuun, sirna gabaa qonnaa tasgabbaa'aa iftoomina qabuu akka argatan taasisuun jireenya isaanii akka fooyya'uuf kutannoo kan hojjetuudha. Gabaan dhaabbatichaa dimshaashatti yeroo ilaalamu akka armaan gadiitti jira.

Toora interneetii: www.sossahel.org.et

Hawaasa Kunuunsa Bineensotaa Firaankifurti – Itiyoophiyaa

Hawaasa Kunuunsa Bineensotaa Firaankifurti akka dhabbata kunuunsa biyyoolessaatti kan hundeeffame 1858 akka dhaabbata mitimootummaatti biyya Jarmanitti hundeeffame. Kunuunsa naonnoo sadarkaa biyyoolessaatti lafa namin irra hin qubanne (wilder land) fi lubbu qabeeyyii naannowaasaa jiran kunuunsuuf hundaa'e. Kanaaf, piroojektiin Hawaasa Kunuunsa Bineensotaa Firaankifurti lafa namin irra hin qubanne ykn hin qotamne (wilder land) fi lubbu qabeeyyii naannowaasaa jiran kunuunsuurratti kan xiyyeeffatuudha.

Yeroo amma kanatti Hawaasa Kunuunsa Bineensotaa Firaankifurti piroojektii Gu'aassaa keessatti jireenya hawaasa jijjiiruuf karoofachuun

Teessoo

Farm Africa Ethiopia

Toora interneetii: www.farmafrica.org
L.S.P: 5746, Addis Ababa, Itiyooophiyaa
Lakkoofsa bilbilaa: +251 11 467 4129
+251 11 465 5156
+251 11 4663172

SOS Sahel Ethiopia

Toora interneetii: www.sossahel.org.et
L.S.P: 3262, Addis Ababa, Itiyooophiyaa
Lakkoofsa bilbilaa: +251 11 416 0391
Faaksii: +251 11 416 0288
Marsariitii: SOS.Sahel@ethionet.et

International Water Management Institute

Toora interneetii: www.iwmi.org
L.S.P: 5689, Addis Ababa, Itiyooophiyaa
Lakkoofsa bilbilaa: +251 116 172000
Faaksii: +251 116 172001
Marsariitii: iwmi-ethiopia@cgiar.org

Frankfurt Zoological Society Ethiopia

Frankfurt Zoological Society
Kutaa magaalaa laaftoo Nifaas silki
Aanaa 03, Gamoo Adot, Darbii 7ffaa
Lakkoofsa waajjiiraa 701
L.S.P: 100003
Addis Ababa, Itiyooophiyaa

Lakkoofsa bilbilaa: +251 113727907
(Addis Ababa)
+251 468 990643 (Bale)

PHE EC

Toora interneetii: www.phe-ethiopia.org
L.S.P: 4408, Addis Ababa, Itiyooophiyaa
Lakkoofsa bilbilaa: +251 116 634116/21
Marsariitii: info@phe-ethiopia.org

Ikoo Naannoo faalama qilleensaarraa bilisa ta'e fiduun jireenya hawaasa naannichaa jijjiiruuf raawwiirra jira. Gaarreen Baaleerrattis manca'iinsa qabeenya umamaafi lubbu qabeeyyii garagaraa akkasumas sirnakoof eegumsa cimaa jiraattota naannawaaf egeree isaaniif kan oolu akka ta'uuf investimantii qarshiifi ogessaa irratti dhangalasuun hojjechaa jira.

Toorainterneetii: www.fzs.org

Dhaabbilee Yeroof Faayyaa Ummataafi Naannawaa Itiyooophiyaa (PHE Ethiopia Consortium)

Dhaabbilee yeroo Faayyaa ummataafi naannawaa Itiyooophiyaa (Population health and environment Ethiopia (PHE) dhaabbata mitimootummaabu'aamataaisaafhinhojjenne bara 2008 hundeeffameedha. Dhaabbatin yeroo waliin hojjechuuf hundeeffame kun kan hundeeffame "Fayyadama qabeenyya fufiinsa qabuu, sirnakoo humna haara'aa maddisisufi jireenya fooyya'aa fufiinsa qabu fi ummata fayya buleessa Itiyooophiyaa taatee arguuf". Kana qofas osoo hin taane dhaabbatichi mul'ata "Itiyooophiyaa keessatti misooma fufiinsa walita'iinsa ummataa beekisuufi mirkaneessuun, hawaasafi naannawaa (environment) fayyaaqabu akka jiraatu gumaachuuf".

Dhaabbilee yeroof Faayyaa ummataafi naannawaa Itiyooophiya kaka'umsa ummata bira ga'uuf taasisaniin walitti dhufeenya namoota gidduu walxaxaa gama fayyaafi naannawaa(environment) namoota gidduu jiru ifa baasuun akka galateeffataman taasisise. multi-sectoral approaches".


Toora interneetii: www.phe-ethiopia.org

Galata

Galatni keenya inni guddaan namoota adeemsa barullee kana qopheessuu keessatti nugargaaran kanneen barreeffama gumaachan, gulaalan akkasumas yaadaan nudeeggaran hundaaf haata'u. Haaluma kanaan, gulaaltonni barullee kanaa namoota gumaachaafi hirmaannaa bal'aa godhaniif kanneen akka Vaan Roojen Daani'eel (PhD), Dassaalany Taaddasaa, Yaasmiin Abdulwaasee, Xannaa Shitaaraq, Habtaamuu Yahu'alaashat, Neevilee Islaad, Huseen Indris, Qumbii Hajiifi Samaraa Silashiitiif galata guddaa nidhiyeessu.



Designed and printed by PHILMON PRESS PLC



 **FARM AFRICA**



 **SOS SAHEL**
ETHIOPIA

IWMI
International
Water Management
Institute

